

**QAACCESSA WALALOO SIRBA MASQALAAFI YOOMESSA
RAAWWIISAA: HAALA GODINA HORROO GUDURUU
WALLAGGAA**

MASARAT FANTAAHUNIIN

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIIISUU ITTIIN GUUTTACHUUF
QOPHAA'E, YUUNIVARSIITII JIMMAA, KOOLLEEJII SAAYINSII
HAWAASAAFI HUUMAANITIITTI, DAMEE BARNOOTA AFAAN
OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE**

FULBAANA, 2021

JIMMAA, OROMIYAA

**YUUNIVARSIITII JIMMAA
KOOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUUMAANITIITTI, DAMEE
BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU**

**QAACCESSA WALALOO SIRBA MASQALAAFI YOOMESSA
RAAWWIISAA: HAALA GODINA HORROO GUDURUU
WALLAGGAA**

QORATTUUN: MASARAT FANTAAHUN LIMANEH

GORSAA DURAA: ALAMAAYYOO FAQQADAA (PhD)

GORSAA AANTEE: MAHAADII HUSEEN (MA)

**FULBAANA, 2021
JIMMAA, OROMIYAA**

YUUNIVARSIITII JIMMAA
DHAABBATA DIGIRII DURAATIIN BOODDEE

Waraqaan qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuun guuttachuuf Masarat Fantaahun mata-duree: *Qaaccessa Walaloo Sirba Masqalaafi yoomessa Raawwii Isaa Haala*: Godina Horroo Guduruu Wallaggaa jedhuun qophaa'e, sadarkaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Qaama Mirkaneesse

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa aantee _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gaafatamaa Muummee Ykn. Qindeessaa Digirii Lammaaffaa(Ma)

Ibsa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta`uu isaa fi kanaan duras Yunivarsitii kam iyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyyaanne ta`uu isaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf fayyadame haala seera qabeessa ta`een fudhee wabii keessatti kaa`uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: _____

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Galata

Duraan dursee sammuu naggaa naalaatee qorannoo kana akkan gaggeessu kan nataasise Waaqayyoo galannii guddaan haata'u. Itti aansuun hojii qorannoo kanaaf jalqabaa kaasee hanga xumuraatti akkaataa ittiin hojjedhu kan natti agarsiise Gorsaakoo Alamaayyoo Faqqadaaf (PhD) galanniko guddaadha. Akkasumas, Gorsaa Aanteekoo B/saa: Mahaadii Huseen yaada gara garaa naaf laattaniif galatoomaan jedha.

Dabalataanis qorannoo kana yeroon hojjedhu nuffii tokko malee bu'aa ba'ii hedduu keessa darbuun kan nacina dhaabateef Abbaa Warraakoo Dr.Taarraqeny Kumsaa baayyiseen galateeffadha. Dhumarrattis qorannoon kun akka galma ga'uuf warreen tumsa naaf godhan hundaaf galanni haata'u.

Axereera

Fookloorii Oromoo ilaalchisee dudhaalee hawwaasichaa kanneen agarsiisan kabajinii ayyaana garaagaraa qorannoon irratti adeemsifameera. Duudhaalee kabaja ayyaana uummata Oromoo keessaa ayyaanni Masqalaa isa tokkodha. Qorattuunis; mata duree walaloo sirba Masqalaafi yoomessa raawwii isaa haala Godina Horroo Guduruu Wallaggaa jedhu qorattee jirti. Kaayyooleen qorannooshee Qabiyyeen walaloo sirba Masqalaa maaliirratti akka xiyyeefatu qaaccessuu, Walaloon sirba Masqalaa akkamitti akka hurruubamu ibsuu, Yoomessa raawwii ayyaana Masqalaa ibsuufi ayyaana Masqalaa kallattii amantiitin akkamitti akka hubatamu agarsiisuudha. Irraawwatmni qorannoo kanaa walaloowwan sirba Masqalaa keessatti tajaajilaniifi duudhaawwan biroo ayyaana Kanaan walqabatee Horrootti calaqqisudha. Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaa fi madda ragaa lammaffaan kan walitti qabamedha. Maddi ragaa tokkoffaa, manguddoota, dargaggoofi shamarran yoo ta'an maddi ragaa lammaffaa immoo qorannoowwaniifi kitaabilee mata duree kana wajjiin walitti dhiheenya qaban kanneen irraa kan argamanidha. Malli qorattuun odeeffannoo argachuuf fayyadamte, mala eeddattoo akkayyoofi mala iddattoo darbaa dabarsaati. Malleen Kanaan odeeffannon odeeffeennitootaa irraa bifa lamaan funaanuuf filatte. Isaaniis: afgaaffiifi dawwannaadha. Odeeffannoon argaman kanneen immoo meeshaa suursagalee waraabuufi suura kaasuun funaaanamaniiru. Odeeffannoon sassaabame kunis mala qorannoo addeessaatiin qaaceffameera. Walaloon sirba Masqalaa kun bari'uu birraa sababeeffachuun haa sirbamu malee qabiyyee garagaraa irratti akka xiyyeefatu hubatameera. Walaloon sirba Masqalaa gosoota hurruubbaa mataasaa kan qabuufi saala lamaanu kan hirmaachisu ta'uun hubatameera. Akkasumas, Walaloon sirba Masqalaa yoomessa mataasaa kan qabuufi Walaloon sirba Masqalaa Uummata hundaa ta'us Godina Horroo Guduruu Wallaggaa keessatti Uumanni Oromoo bari'uu birraa sababeeffachuun Uumaasaa kan itti galateeffatuufi aadaa hawaasa isaa kan ittiin ibsatu ta'uun isaa hubatameera.

Jibsoo

Jechoonni qorannicha nama dubbisuuf gufuu ta'uu danda'u jedhamanii yaadaman kana jalatti hiika argatu. Kunis haala galumsa hiika naannichatti beekaman irratti hundaa'uun hiikni itti kennameera.

Baqqoo-----Fagoo

Boolalee-----Biyyee diimaa

Bujuruu-----Furdaa

Dalasa ---Dallaa

Do'achuu---Ilaaluu

Falaxaa----muka walirraa tarsi'e

Gorroo----Golgaa dinqaa

Giraaba----Gaara

Kashakkasha---Nisirba

Ilikee---Gosa mukaa

Luyna----Dabeessa

Mixoo--- Gosa mukaa uleef ta'u

Mudhii ribuu ---- mudhii qal'oo

Qilee-----Hallayyaa

Qeerroo----kan hin fuudhiin

Qarree--- Durba durbummaan jirtu

Seedarii--- Bullaallaa yookiin Gugee

Shorroo--- Bareedaa

Shooxee---Bareedduu

Dhala mirree--- Dhala dachaa

Waatoo—muka Qoraasamaa

Waaroo ----Uffata qorraaa

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Ibsa.....	I
Galata	I
Axereera.....	II
Jibsoo.....	III
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1. Seen-duubee Qorannichaa.....	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa	5
1.3. Kayyoo Qorannichaa.....	6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....	6
1.3.2. Kaayyoo Gooree	6
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	6
1.5. Daangaa Qorannichaa	7
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	7
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU	9
2.1. Ogafaan	9
2.1.1. Amaloota Ogafaanii.....	10
2.2. Yaadxina Qorannichaa	13
2.3. Afwaalaloo	13
2.3.1. Faayidaa Afwalaloo.....	13
2.4. Ayyaana Masqalaa	14
2.4.1. Faayidaa Kabaja Ayyaana Masqalaa	16
2.5. Sakkatta'a Qorannoo Walfakkii.....	17
BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA	18

3.1. Saxaxa Qorannicha.....	18
3.2. Irraawwatama Qorannichaa.....	18
3.3. Iddatteessuu	18
3.4. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman.....	20
3.4.1. Daawwannaa.....	20
3.4.2. Afgaaffii.....	21
3.4.3. Waraabbii Suursagalee	21
3.5. Mala Xiinxala Ragaalee	22
BOQONNAA AFUR:DHIYEESAAFI QAACCESSA RAGAA	23
4.1. Qabiyyeewwan Walaloo Sirba Masqalaa.....	23
4.1.1. Sirboota Bareedina Habaaboo Birraaf Sirbaman.....	23
4.1.2 Sirba Bokkaan Roobee Biqiltuuwwan Biqilchuu	27
4.1.3. Walaloo Sirboota Masqalaa Bari’uu Birraa Sababeefachuun Sirbamu.....	29
4.1.4. Sirba Masqalaa Shamarran Jireenya Fuulduraa Isaaniif ittiin Walgorsan.....	31
4.1.5 Sirba Masqalaa Gorsa Ofkeessaa Qabu.....	36
4.1.6 Sirboota Walmararsiiffannaa Yeroo Masqalaa Sirbaman	37
4.1.7. Sirboota Goota Faarsuun yeroo Masqalaa Sirbaman	41
4.1.8. Sirba Masqalaa Ajjeesaa Faarsu	42
4.2. Akkaataa Hurruubbaa Sirba Masqalaa.....	44
4.3. Yoomessa Raawwii Duudhaa Ayyaana Masqalaa	47
4.3.1. Sirba Masqalgubiitti Sirbaman	50
4.4. Duudhaa Ayyaana Masqalaa kallattii amantiitiin akkaataatti hubatamu	52
4.4.1.Duudhaa Ayyaana Masqalaa Akka Godina Horroo Guduruu Wallagaatti.....	53
4.4.2 Duudhaalee Ayyaana Masqalaa Wajjiin Walqabatee Wantoota Raawwataman.....	55
5.1. Cuunfaa	61

5.2. Argannoo.....	62
5.3. Yaboo.....	64
WABIILEE.....	65
DABALEEWWAN.....	I
Dabalee. A.....	I

Baafata Suuraawwanii

Tartiiba suuraa	Fuula
Suura 1.Habaaboo Birraa.....	24
Suura 2 .Shamarran Yeroo Masqal Gubiitti Sirban.....	29
Suura 3.Sirboota Hurruubbaa SirbaMasqalaa Agarsiisan.....	46
Suura 4.Waliiti Qabama Namootaa Bakka Masqal Gubiitti.....	50
Suura 5.Dargaggoonniifi Manguddootti Bakka Masqal Gubiitti Waliin Sirban	53
Suura 6.QorattuufiHirmaattota Ayyaana Masqalaa.....	55
Suura 7.Manguddoonni Ayyaana Masqalarratti Yeroo Waaqa Kadhata.....	56
Suura8.Nyaata Aadaafi Dhugaatii.....	58
Suura 9.Uffata Aadaa.....	59
Suura10.Meeshaalee Aadaa Ayyaana Masqalaa.....	60

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1. Seen-duubee Qorannichaa

Fookilooriin akkuma maqaa isaa irraa hubatamu sabni tokko eenyummaa, amantii,haala jiruufi jireenyaa, heeraafi seera, falaasama, oodaafi safuusaa, dimshaashumatti ilaalcha ardiilee addunyaa keessa jiran kanaf qabu kan gochaafi afaaniin dhaloota tokko irraa gara dhaloota itti aanutti kan ittiin dabarsuuf gargaaramu damee aadaa saba tokkooti. Karaa biraatiinis, akka hayyoota xiin-aadaatti afoolli calaqqee aadaati (Dundes, 1965, f. 32). Afoolli haala addunya kanaa kan ittiin hubatnu haala jirufi jireenyaa, haala uffannaafi akkaataa jireenya dhala namaa hundaa nidabalata jechuudha. Kunis kan raawwatamuufi ittiin ibsamuu danda’u afoola sabni tokko qabutti gargaaramuudhaan. Afoola ilaalchisee beektonni garaa garaa akka hiika kennaniifitti afoolli Oromoo gabbataadha.

Qo’annaan Afoolaa gooroowwan afuritti qoodama. Isaanis: Waanta aadaa, Duudhaa hawaasaa, Artii sochii qaama hawaasaafi Ogafaan kan jedhamanidha. Kunneenis gooreewwan adda addaa ofjalitti qabu.Gooreewwan wanta aadaa: nyaata aadaa,uffatata aadaa, meeshaalee aadaafi qoricha aadaati. Aartiin sochii qaamaammoo gooreewwan: ragada ,dhiichisa, geelloo, shaggooyyeefi shubbisadha. Gooroon ogafaaniimmoo kanneen akka afwalaloo sirba aadaa, geerarsa, faaruu Loonii, Weedduu Ateetee, Walaloo Tapha ijoolleefi Walaloo uruursa daa’immaniifaati.

Duudhaan hawaasaa gooreewwan kanneen akka amantii, duudhaa, barnootaafi kabaja ayyaanaa irratti xiyyeeffata. Mata dureen qorannichaas, waa’ee walaloo sirba Masqalaafi yoomeessa raawwii isaarratti waan xiyyeeffatuuf, gooroowwan afoolaa keessaa duudhaa hawaasaafi Ogafaan jalatti ramadama. Namoonni kutaa hawaasaa tokko waliin jireenya hawaasummaa yeroo dheeraa keessatti dhimmoota gara garaatiin aadaa kuufatanii qabu. Aadaan kuufatan kunimmoo eenyummaa isaanii ibsa. Kanaaf aadaan mirkaneessituu eenyummaa hawaasaa yookiin saba tokkooti jechuun nidanda’ama. Duudhaan hawaasaa wanta aadaatiin baay’ee walitti dhiyaata. Duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaarra xiyyeeffannaa kan itti godhu walitti dhufeenya garee irratti jedha (Dorson 1972,f.3).

Beektonni adda addaa waa’ee amantiileefi barsiifatoota baruuf keessumaayyuu, jarreen fooklooriifi aadaa hawaasaa irratti qoratan, gaaffilee kan akka amantiifi barsiifanni jabeessee qabate maddisaa eessa? Hiiktiifi fakkoommiin jaraahoo maali? Namoonni waan tokkotti maaliif amanu? Barsiifata murtaa’ehoo maaliif hordofu? Osoo hinamaniin jiraachuu danda’uu? Jedhan kaasuun irratti qorataa turani; ammas irratti yaada kaasaa jiru. Akka (Dorson 1972) qo’ataa

fookloorii kan ta'e ibsetti, duudhaa haawaasaa jaaalattis warreen ramadaman nijiru. Gochoonni achikeessatti raawwatan kunneen baay'een isaanii gareen kan raawwatan ta'uyyuu, akkaataa raawwatan irratti garaagarummaa niqabu. Akka Dorson ibsetti, amantii hawaasaa kan jedhamu hawaasichi jiruufi jireenya isaa keessatti, fakkeenyaaf, guyyaa dhalootaa, dhaqna qabaa kkf bakka adda addaatti raawwatu ilaallata. Irra caalaa kan xiyyeeffannoo barabaadu immoo gochaalee kabaja ayyaanichaa keessatti raawwatanidha. Duudhaa ilaalchisee (Maranan 2010, f. 6) irratti yoo ibsu, "aadaa uummataa keessaa tokko ta'ee, gochaalee hawaasni ittifufinsaan kan raawwatu eenyummaa isaa kan ittiin ibsuufi karaa dhaabbataa ta'een dhalootarraa dhalootatti kan darbudha" jechuun barreessee jira.

Misgaanuun (2011, f. 18) duudhaa hawaasaa yoo ibsu dhimmoota duudhaafi amantii waliin kan walqabatan ta'anii duudhaa kana jalatti dhimmoonni gurguddoo jiran festivaalaafi kabaja ayyaanaa, taphaafi bashannana, amantaa aadaa waan safuu, hooda, laguufi tapha aadaati jechuun qoqqoodee kaa'a. Duudhaaleen hawaasaa tarreeffamaan kunneen akkaataan qoqqooddii isaanii, haalli raawwii isaaniifi yeroon raawwii isaanii gargar haa ta'u malee kanneen hawaasa biroo waliin walitti fidaniifi kan dhuunfaatti yookiin hawaasa tokko qofa waliin gaggeeffaman akka jiran nihubatama. Duudhaan hawaasaa dhimmoota duudhaafi amantaa hawaasaatiin walqabachuun isaa amantiin qaama aadaa hawaasaa ta'uu mul'isa. Waa'ee amantii tokkoo yoo dubbannu aadaafi ilaalchi saba amantiin sun keessaa baheen addaan baasnee ilaaluu hindandeenyu.

Duudhaan hawaasa tokko keessatti amaloota waliin qooddatan kan ibsu danda'udha. Garee hawaasa tokkoo isa biroo irraa adda baasa. Meeshaalee hawaasichi itti gargaaramuufi akkataa ittiin raawwii isaa niibsa. Duudhaan namoota walitti fidee garee uuma. Gareewwan kunniin beekumsa waliin horatan gara dhaloota itti aanutti ceesisuun irraa eegama. Adeemsi akkasii kunimmoo barsiifata hawaasaa keessatti ilaalama. waabeffachuun duudhaa hawaasaa kana jalatti kanneen qoodamaan Duudhaan hawaasaa amantaalee, dhugeeffannoowwan, amaleeffannoowwan mataa isaanii kan qabaan ta'ee yeroofi bakka qabu. Amalli hurruubummaas yerootti mul'atu qaba. Kanaafuu duudhaan hawaasaa adeemsa mataa isaa keessatti kan abboomamudha jechuu dandeenya. Fiqaaheen Doorsaan akka armaan gadiitti kaa'a. Duudhaa hawaasaa jalatti kan qoodamuu danda'an mataduree xixiqqoo afur argamu. Isaanis jila adda addaa, kabaja ayyaanaa, tapha aadaa, dirree bashannanaa, amantii duudhaa kan

jedhaman keessatti namooni gareen raawwii raawwatanidha jechuun nidanda'ama. Walumaagalatti wanta hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti barachaa deemudha. (Fiqaaden1991,f.13). Akka yaada kanaatti duudhaan hawaasaa dandeettii dhuunfaa irratti kan hundaa'e osoo hin ta'iin miseensota garee gidduutti kan jiru walitti dhufeenya tokkoo tokkoo namootaa irratti akka hundaa'uu danda'u hubachiisa

Ogafaanni duudhaa uummataa ibsuuf ga'ee guddaa kan qabu ta'u iyyuu akka ogbarruutti beekamaafi bakka argachaa hinturre. Ogafaan saba tokkoof faayidaa guddaa qaba. Ittiin barsiisuuf, bashannansiisuuf akkasumas, safuun hawaasichaa dhaloota gidduutti tamsa'uufi eegamuu isaa to'achuuf tajaajila. Muuxannoolee jiruufiqorannaalee erga waa'een ogafaanii qoratamuu eegalee kaasanii hojjetaman irraa kan hubatamu danqaa ture cabsuudhaan dhalootaa dhalootatti darbaa tureera; har'as darbaa jira. Hunduma caalaa immoo carraa guddinni barnootaafi ogbarruun isaaf banetti gargaaramuudhaan afoolli galmeeffamee dhaloota itti aanuuf gara olka'amuutti dhufeera (Finnegan 1970,f.17). Sabni Oromoos baroota hedduuf kan ittiin jiraataa tureefi beekamuu safuufi aadaa sabichaa kan bu'uureffate aadaa warroommii keessatti gosoota weedduu aadaa fayyadamaa turuu isaatiini. Mallattoo eenyummaa kan jedhaman fakkeenyaaf qooqa, aadaa, duudhaa, seenaa, naannoo jireenyaa, bifa qaamaa, sansakaa, ilaalcha uummataaf qabu kkf hammata. Dabalataanis eenyummaa saba tokkoof bu'uura jireenyaati.

Qaama adda addaa afoolli qabu keessaa weedduun tokko akka ta'e beekamaadha. Walaloon ogafaan keessatti dhiyaatu immoo afwalaloodhaani. Afwalaloon hawaasa dubbisuu yookaan barreessuu hindandeenyeen yookaan danda'uun weedduun qindeeffamee afaaniin darbuudha. Sabni Oromoo saba cunqursaan itti baay'achaa ture waan ta'eef akkaataa barbaadameen hambaaleefi duudhaawwan dhalootaa gara dhalootaatti dabarsuuf karaaleen itti daddabarsu waraqaafi qalama osoo hintaane afaaniini. Barreeffama tokko malee duudhaa isaa dhalootaa gara dhalootaatti dabarsaa adeemuun isaammoo harcaatiifi itti dabalammu miira namootaa dhuunfaafi gara malee itti fayyadamuun baay'inaan nimul'ata. Kanaaf haala mijataa amma argameen afoola Oromoo bifa oduun daddarbaa dhufe kana gara barreeffamaatti jijjiirani olkaa'aa adeemuun faayidaa qabaata. Keessumattuu sabni Oromoo sirnootni inni bakka guddaa kennuufii keessaa tokko ayyaana Masqalaati.

Sabni oromoo beekusa gurguddoo ogafaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa turus,sirni fiyudaalaa biyyattii miidhhaa guddaa ogafaan ummata oromorratti gaggeessaa tureera. Akka Jeylan W.Hussein(2005,f.23).

The oromo are the largest ethno-nation in East Africa and the speakers of one of the most widely spoken languages on the continent. The oromo did not have written literature in the past. Oral traditions thus remained as the sole source of knowledge about the society's sociocultural experiences

Walaloon gosa ogafaanii keessaa tokko waan ta'eef jijjiiramaa (hirraanfataamaa) kan dhufe waan dhaloonni haaraa akka aadaa duubatti hafootti ilaalanii amantii garaagaraa waliin walqabsiisaa deemuun hirraanfataamaa (jijjiirama) dhufe (Sumner 199, f. 5).

Ayyaanni Masqalaa uummata Oromoo biratti karaa lamaan kan ilaalamu ta'uu yaadonni garaa garaa nihimu. kunis dhimma amantaa waliin walqabsiisuun kabajuufi barii'uu birra sababeeffachuun ayyaaneffamu dha. Ayyaanni Masqalaa/Gubaan ayyaanota Oromoo keessaa tokkodha. Masqalli Oromoof mootii ayyaanaatis jedhama. Ayyaanni kun bu'uura aadaafi falaasama Oromoo ganamaa of keessaa qaba.

Akka toora interneetii fuula BBC(Fulbaana, 10/2012) irratti maxxanfameen, ayyaana Masqalaa akka armaan gadiitti ibsa: Godina Baalee Aanaa Gololchaa ganda Jaarraatti Oromoon dur akkamiin akka Masqala kabaju Obbo Waaqshumee Araarsaa nidubbatu. Isaaniif guyyaa Masqalaa guyyaa gammachuudha."Dur Oromoon gamaafi gamanaa walitti yaa'ee maseena qalee nyaataa kabaja," jedhu. Godina Shawaa Lixaa Aanaa Meettaatti jaarsa biyyaa Obbo Dhaqqabaa Gammadaa ayyaana Masqalaa kan baranaa gammachuudhaan walitti dhufanii kabaajataa akka jiran dubbatanii, walwaamanii ykn walhafeeranii waliin akka ayyaneffatan dubbatu. Guyyaa duraa dubartoonni Qincee qopheessanii booda namni ollaafi firaan walitti yaa'anii nyaatanii dhugu jedhu Obbo Dhaqqabaan."Guyyaa itti aanu ammoo guyyaa lagatti bahanii farda gulufsiisanidha."

Yeroo hedduu Masqalli mootii ayyaanaati jedhama. Maaliifi garuu? Obbo Dhaqqabaan waan dur ta'etu jira jedhu."Dur jedhan ayyaana Faasikaafi Masqalatu walmorkatu. Faasikaan anatu caala yeroo jedhu, Masqallis anatu caala jedhe jedhan. Dhumarratti Masqalli 'ani dhangaan/midhaan waan lafaa ga'uuf yeroon gara quufaatti adeema, atimmoo dhangaan/midhaan waan manaa dhumaa deemuuf garabeelaatti deemta waan ta'eef anatu mootii ayyaanaati," jedhan Obbo Dhaqqabaan. Barii birraa waan kabajamuufis yeroo dhangaan/nyaanni lafaa bilchaatee itti tuttufatamudha. Bakkaa bakkatti addaa addummaa qabaatus nyaanni yeroo ayyaana kanaa qophaa'an kan lafaa ga'etu heddummaata.

Mijuufi nyaanni ayyaanota Oromoo keessatti qophaa'an hedduudha. Isaan keessaa kan yeroo Masqalaa nyaataman: Ancootee - Gara Oromiyaa Dhihaatti nyaata baramaafi kan yeroo Masqalaa

baayinaan nyaatamudha. Ancooteen yeroo Masqalaa akkuma dinnichaa/moosee lafaa qotamee bifa garaa garaan qophaa'a. Ancooteen soorata cabaa dhinsuufi deessuu morgaa jabeessudha jedhama Akka fedha abbaatti affeelliisaa qocqocaan ykn affeelamee daakamaa isaa dhadhaa waliin akka ittootti nyaatama.

Raafuu/Goommana-raafuunis dhangaa lafaa ga'e keessaa kan gaafa ayyaana Masqalaa nyaatamudha. Dabaaqula/Buqqee yeroo Masqalaa kan qancares, huruuruun isaa baadiyaa Oromiyaa keessatti baayyinaan argama. Nyaata yeroo ayyaana Masqalaa kana keessaas isa tokkodha Dhangaa lafaa ga'ee alattis Ayyaanni Masqalaa Qincee Garbuufi Qamadiirraa qophaa'een akkasumas kitfoodhaan yaadatama. Ayyaanota guguddoo Oromoon waggaa waggadhaan baatii Fulbaanaa keessa kabaju keessaa Masqalliifi Irreechi kanneen eeramaniidha. Ayyaanni Masqalaa ykn Gubaan walakkeessa ji'a Fulbaanaatti kabajama. Masqalli Oromoo biratti mootii ayyaanaa jedhamuun beekama.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Afoolli aadaa, seenaa, duudhaa walumaagalatti jiruufi jireenya hawaasaa kan afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsudha. Akka (Alamaayyoo, 2008, f. 2) "Ogafaan Oromoo mankuusaa beekumsaa tahuun isaa beekamaa yoo tahe iyyuu qorannaan quubsaan irratti hinhojjetamne." Afoolli gooroowwan garaagaraa qaba. Kanneen keessaa afwalaloon weedduu Masqalaa isa tokkodha. Uummanni Oromoo weedduu sirba Masqalaa fayyadamuun ergaawwan garaa garaa dhalootaa gara dhalootaatti waliif dabarsaa. Georgesfi Jones (1995, f. 314) kallattii bu'aa afoolli tokko hawaasaaf qabu yoo ibsan

Through folklore people can educate or acculturate each other; perpetuate, challenge or modify a group social norms and values; inform others about the basis for or nature of their culture, reveal or display their identity, traditionality knowledge or competence and entertain or be entertained," jedhu.

Kunis fooklooriin hawaasa tokko keessatti kallattii hedduutiin akka waagumaachu mirkaneessa. Hawaasni fookloorii gargaaramee walbarsiisa, Duudhaa hawaasaa toora qabsiisa, fooyyessa, waa'ee eenyummaasaa beeksifata, ittiin bashannana, walbashannansiisa. Hawaasni har'a bifa ammayyoomaan seera, amantiifi siyaasaan walbulchuu kanaaf dhakaa bu'uura kan tahe, beekumsaa fookloorii irra dhaabbateeti. Fooklooriin hubannaa hawaasa tokkoof ergaa isaan dabarsuu barbaadan otoo homaa hindhoksiin akka ifa baasu agarsiisa; kana jechuun fooklooriin daawitii hawaasni tokko ittiin ilaalamu akka tahe agarsiisa.

Haata’u malee hanga ammaatti mata duree walfakkaatu Godina Horroo Guduruu Wallaggaa keessaatti qorannoon adeemifame arguu baadhus, Godinaaleefi aanaalee biraa keessatti waa’een kabaja ayyaana Masqalaa qorannoon irratti adeemsifame nijiru. Kana ka’umsa godhachuun qorattuun kun qorannooshee gaggeesitee jirti. Kanaafuu qorannoon kun akka Godina Horroo Guduruu Wallaggaatti bifa qindaawaa ta’een barreeffamaan olkaahuuf faayidaa guddaa qaba jette amantii qorattuun. Haaluma Kanaan qorannoon kun gaaffilee armaan gadiif deebii kenna jedhamee kan karoorfamedha.

1. Qabiyyeen Walaloon sirba Masqalaa maal irratti xiyyeeffata qaaccessuu?
2. Walaloon sirba Masqalaa akkamitti hurruubama?
3. Yoomessi raawwii ayyaana Masqalaa maali?
4. Ayyaanni Masqalaa kallattii amantiitiin akkamitti ilaalama?

1.3. Kayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooree armaan gadiirratti xiyyeeffatee kan hojjetamudha.

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Walaloo sirba Masqalaa fi yoomessa raawwii isaa Haala Gogina Horroo Guduruu Wallaggaa qaaccessuudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

- ✓ Qabiyyeen sirba Masqalaa maal irratti akka xiyyeeffatu qaaccessuu.
- ✓ Weedduun sirba Masqalaa akkamitti akka hurruubamu ibsuu.
- ✓ Yoomessa raawwii ayyaana Masqalaa maal akka ta’e ibsuu.
- ✓ Ayyaanni Masqalaa kallatti amantiitiin akkamitti akka hubatamu agarsiisuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Namni hundinuu Ogafaanitti kan fayyadamu ta’uu isaa (Austin1994,f.97) yommuu ibsu: “...Every human society is oral and over ninety percent of communication passes through orality” jedha. Haaluma kanaan yoo ilaalle Uummanni Oromoos aadaafi duudhaa, safuufi amantaa isaa dhalootaa dhalootatti kan dabarfatu afaaniin ta’uusaa ibsa. Haata’u malee yeroo ammaatti walaloo sirba Masqalaa baay’ee dagatamaa jiraachuu isaa qorattuun qaama hawaasa kanaa waan taateef nihubatti.

Seenaafi duudhaan Oromoo akka hin bannetti dhaloota dhufuuf akka darbuuf qorannoon kun gahee olaanaa qaba jettee qorattuun kun niamanti. Namoota duudhaa hawaasichaa baruu barbaadaniif, akkasumas, kan barsiisaniifi kallattii kanarattii qorannoo biroo warreen gaggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti nigargaara. Duudhaa hawaasni qabuun seenaa uummatichaa qorachuun nidanda'ama. Waajjira Aadaafi Tuurizimii godinichaaf madda odeeffannoo ta'ee tajaajila. Hayyoota yookaan namoota duudhaa Oromoo irratti qorannoo gaggeessuuf barbaadaniif nifayyada. Kanneen aadaafi duudhaan uummata Oromoo akka deebi'ee gabbatuu carraaqaniif akka maddaatti nitajaajila.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Afoolli gooroo bal'aa kan of keessaa qabu yommuu ta'u qorannoon kunis gooreewwan afoolaa keessaa Walaloo Sirba Masqalaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa irratti kan xiyyeeffatu ta'a. Yeroo kennametti gargaaramuudhaan hojii quubsa ta'eefi hojii qulqullina qabu dhiyeessuudhaaf jecha waan hojjetan daangeffachuun dirqama ta'a. Unkaafi qabiyyee walaloon sirba Masqalaa kan walitti qabamu immoo yoomessa dhugaa keessatti argamuun gaariyoo ta'eyyuu haalaafi mataduree qorannichaa waliin walqabatee yoomessa dhugaa qindeeffamaa fayyadamuun jala bultii irraa jalqabee hanga guyyaa ayyaanichi raawwatamuutti maal jedhamee akka weeddiffamu beekuuf hordofuun dirqama ta'a. Bakka hundaa deemanii waraabuufis ta'e daawwachuun waan rakkisuuf daangaan barbaachisaadha. Kanaafuu ayyaanni Masqalaa Godinaalee Oromiyaa hundatti kan beekamu yoota'ellee qorannoon kun Godina Horroo Guduruu Wallaggaa irratti xiyyeeffata.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Yeroo ammaa kana qorannoon afoola irratti hojjetamu ragaa argachuu irratti salphaa miti. Keessumaayyuu dhiibbaawwan kallattii gara garaan qorattoota mudachuu danda'an nijiru. Akka qorattuutti adeemsa qorannoo kanaa keessatti wantonni namudatan akka hanqinaatti eeramuu danda'u. Fakkeenyaaf, haaluma siyaasaa jiruun, akka fedhan, eeyyamaanillee hawaasa keessa deemanii ragaa walitii qabachuun eeyyama addaa gaafata. Bakkatti qorannoon kun hojjetame sochiin siyaasaa ho'aa ta'eefi walitti bu'iinsi waan jiruuf, bilisummaatiin maanguddoota filachuun, maangudoonni filatamanis bilisummaatiin ragaa namaaf qooduu shakkiitiin ilaalu turan. Kanaafuu, akka hanqinaatti ka'uu danda'a. Akkasumas, babal'ina amantii tokko tokkootiin, Haalatti ayyaanni Masqalaa kabajamu haala duraan kabajamaa ture irraa baay'ee

laafaa dhufeera. Kanaafuu yoomeessa dhugaa keessatti daawwachaa ragaa walitti qabuuf baay'ee mijataa hinturre. Garuu, kabaja ayyaana Masqalaa bara 2013 hanguma argame irratti argamuudhaan ragaa qabatamaan walitti qabameera. Kanaafuu, ragaawwan afgaaffiitinis yoo walitti qabaman malee, daawwannaan qofti mala funaansa ragaa gahaa hintahu.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

2.1. Ogafaan

Ogafaan afaaniin kan himamuufi kan daddarbu falaasama, duudhaafi aadaa ilma namaa ifa gochuun beekumsa hawaasaa kan qabatee deemudha. Ogafaan duudhaa uummataa ibsuuf ga’ee guddaa qaba. Faayidaawwan inni uummata tokkoof qabu keessaa; Ittiinbarsiisuuf, bashannansiisuuf akkasumas, safuun hawaasichaa dhaloota gidduutti tamsa’uufi eegamuu isaa to’achuuf tajaajila.

Afoola jalatti ogafaan hedduu jiran keessaa baay’ee beekamaan, walaloo afaaniiti. Isaanis sirba, faaruu, geerarsa, makmaaksa, hiibboofi kan kana fakkaatan keessatti mul’achuu dandahu. Ogafaan kanneen keessa muuxannoofi beekumsi hawaasaa yeroo dheeraaf kuufamaa tureera. Kanaafis, damee afoolaa kana qu’achuun falaasama, safuufi beekumsa hawaasa tokkoo hubachuuf gargaara. Finnegan (1970, f. 519), hawaasni tokko maalummaan isaa sirba isaa irraa kan ka’e hubatamuu akka dandahu ibsiti. Yaada kana yoo jabeessu Kipury (1983, f. 198) “Songs and poetry embody a people’s philosophy, beliefs, values, and sometimes, their historical development,” jedha. Hayyoonni saayinsii hawaasummaa gara biroonis, ogafaan uummata tokkoo jireenya hawaasa sanaa kallattii hedduutiin agarsiisuu akka dandahu kanaaf amanu (Fekade, 1998). Dandes (1969) eeruudhaan Georgesfi Owen (1995, f. 170), faayidaa afoolaa, “...it is the case that in folklore implicit world views principles and themes are made explicit,” jedhu. Kunis, afoolli hubannaa hawaasa tokkoofi ergaa isaan dabarsuu barbaadani otoo homaa hindhoksin akka ifa baasu agarsiisa.

Kanamalees, ogafaan uummata tokkoo, garee hawaasa sanaaf gaaffilee bu’uura tahani deebisa. Fakkeenyaaf, kanneen akka madda uumamtoota lafarraa, “sun yookaan kun eessaa dhufe?” kan jedhuuf maddaa deebii tahee tajaajila. Aadaafi duudhaa ganamaa isaanii akka hidda ergatee, jabaatee jiraatuufis ogafaan mataa isaanii gargaaramanii ilmaan ofii barsiisu. Jireenya isaanii keessatti bu’aa-bahii, gidiraa, gadda, dadhabbii, mukuu, abdi kutannaafi kan kana fakkaatani yoo mudatanillee maddi humna jabina uummataa ogafaan isaati. Haala jireenya waliigalaa ilaalchisee ammoo, hundumaa caalaa safuu fudhatama qabu bifa gara garaatiin barsiisuudhaan, amalaafi hojii badaa qeequudhaan tohachuuf shoorri ogafaanii hedduudha (Fekade, 1999). Georgesfi Owen (1995, f. 189 - 190), Bascom (1955) eeruudhaan yaada Fekade yoo cimsan, ogafaan:

... enables human beings to escape in fantasy from repressions imposed upon [them]... explain how things came to be the way they are ... serve as “pedagogic devices”... “to express disapproval” of behavior on the one hand and “to express

social approval” of those who conform on the other, jedhu.

Gabaabaatti, ogafaan uummataa, daawitii ittiin uummati (abbaan qabeenyaa ogafaanii) sun ittiin ilaalamee hubatamudha jechuun nidandahama.

Kallattii ogafaan Oromootiinis yoo ilaalame, "oral arts as part of Oromo character and collective identity expresses the perpetual memory of the past cultural and historic events and their instructive experiences," jechuudhaan yaada hayyoota armaan olii jabeessa, Eshete (2007, f. 47). Kunis ogafaan Oromoo seenaafi aadaawwan duraan turani har'as akka hindagatamneef tursiisuu dandahuun cinaatti, eenyummaa waliigalaa hawaasichaa cimsee ibsuuf akka humna qabu agarsiisa.

2.1.1. Amaloota Ogafaanii

Afwalaloon gooroowwan afoolaa/ogafaanii keessaa tokko akka ta'e beekamaadha. Akka waliigalaatti ogafaan hunduu amala mataa ofii qabaatanis, amala hunduu waliin qooddatan niqabu. Amaloonni kunneen hedduu tahuu malu. Ayyaanni masqalaa akka duudhaatti yeroo kabajamu, ogafaan jiran keessaa weedduu amala walootiin qindeeffameeni. Waloon sirba masqalaa keessaati tjaajilus akka qaama afoolaatti amalootuma kana qooddata. Sirnaan qoratamee taa'uu baatus, sirbi masqalaas amala mataa ofii inuma qaba. Garuu, qorannoo kana keessatti kanneen itti aanan akka bu'uuraatti sakatta'amaniiru.

2.1.1.1. Hurruubummaa

Hayyoonni ogafaanii kanneen akka Finnegan (1970), Ben-Amos (1975)fi Okpewho (1992) qorannoo ogafaanii keessatti hurruubummaa dhugaan baay'ee barbaachisaa akka ta'e ibsu. Keessumaayyuu (Finnegan, 1970, f, 2) yoo yaada kana jabeessitu, "Actual performance is the first and most basic characteristics in collection and analysis of oral literature," jetti. Kanaafuu, ogafaan tokko yoo qu'atamu hurruubummaafi duudhaan isaa akka waliigallaatti walitti qabamee ilaalamuu qaba. Bakka hurruubummaan hinjirretti hafeen (oral text) ogafaanis jiraachuu hindandahu. Bu'uuruma kanaani qorannoo masqala ilaallatu kana keessatti ragaalee gara caalu hurruubummaa raawwii masqalaa yoomessa dhugaa irraa kana walitti qabame.

Ogafaan tokkos jiraachuun isaa kan dhugoomu hurruubummaa keessattiifi hurruubummaaatiini (Finnegan, 1970:2). Weedduun, yookaan waloon sirba masqalaa akka gooroo ogafaanii tokkootti dhugaa kanaa ala hinjiru. Kanuma waliin walqabatee, sirbi masqalaa jiraachuu kan dandahu, yoo kanneen haala adda addaatiin irratti hundaahuun hurruuban, yookaan weeddisan, yookaan sirbanidha. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti haalatti hurruubummaaf xiyyeeffannaan

kennameera. Kana jechuun, haala kamiin akka hurruubamu, akkamiin akka weeddifamu hubannoo keessa galeera. Kunis yoomessa hurruubummaa sirba Masqalaa hubachuuf gargaara.

2.1.1.2. Lufummaa

Qorannaan ogafaan irratti yeroo deemsifamu, adeemsa lufummaa isaa haalaan ilaaluun barbaachisaadha. Sababiin isaas, amaloota ogafaanii keessaa inni guddaan tokko lufummaa waan ta'eef. Lufummaa kana waliin walqabatee, daayessonni gara garaa jiru. Yaada kana (Finnegan, 1977, f. 139) yoo ibitu:

The approach that need to be considered [concerning transmission of oral literature] are (1) the 'romantic view' about the long transmission of oral poetry from far-back communal origins; (2) the theory of oral transmission as essentially memorization; and (3) the theory of transmission as a process of recreation, an approach which overlaps with oral formulaic theory, jetti.

Daayessi roomaantikii akka jedhutti, ogafaan hundi akka walii galaatti, hamba durdurii dhaloota duraan turan irraa daddarbaa dhufedha. Kunis, mammaaksi jireenya hawaasa har'aa waliin walqabatee, haaraan qindeeffamee dabalamaa deemuu dandahuu isaa kan fudhatu miti. Kana jechuun, ogafaan yeroo dheeraadhaaf jijjiirama tokko malee, labata irraa labatatti darbaafi daddarbaa dhufeera. Kunis, yoomessa hawaasuummaa gara garaa keessatti, akkasumas jamaa tokko irraa isa biraatti garaa garummaa uummamu irraa kan ka'e jijjiiramaa deemuu ogafaanii duukaa walmorma. Kana malees, hurruubaa tokko irraa isa biraatti garaagarummaa jiru irraa kan ka'e adda ta'uu dandahuu akka salphaatti ilaalu isaa agarssiisa (Finnegan, 1977, ff. 139-40).

Akka daayessa isa lammaffaatti, hurruubdonni irra deddeebihanii yaadachuudhaan, mammaaksa tokkoof yoomessa barbaachisaa yoo argatan mammaaku (hurruubu). Adeemsa kanaan, dhaloota irraa isa itti aanutti darba. Hafeen hurruubaan qayyabatee sammuu qabate kun, kan qindeeffame, nama biraatiin yookaan hurruubaatiin tahuus dandaha; tahuu dhiisuus dandaha (Finnegan, 1977:52). Hayyoonni hedduun jecha jechaan yaadatani akkuma jirutti hurruubuun kan hindandahamne tahuu haa ibsaniyyuu malee, daayessichi ammallee fudhatama qaba jetti, Finnegan.

Lufummaa jalatti daayessi sadaffaan, irra deebihanii fooyyessuufi qindeessuu ilaallata. Akka yaada kanaatti weeduufi tokko haaraan isitti dabalamaa deemuu dandaha, jechi yookan jechoonni biroonis (beekaas otoo hinbeekiinis) inni duraan tures qaxxaamuruu dandaha, Georgesfi Owen (1995). Haala kanaan adeemsa dhaloota irraa dhaloottatti darbuu keessatti

jijjiiramni mul'achuu akka dandahu agarsiisa. Hurruubdonnis yoomessa irratti hundaahanii, dhiibbaa jamaan geessisuuf deebii kennuf waa jijjiiruu dandahu. Yookaa ammoo, sirriitti yaadachuu dhabuu irraa kan ka'e, waa keessaa harcaasaa, kaan itti dabaluu dandahu. Kunis gama isaatiin adeemsa lufummaa irratti gahee olaanaa xabata.

Daayessawan asiin olitti eeramaniin ala yeroo ammaa sabaahimaaleen gara garaa, kanneen akka barruuwwan, kitaabileen barnootaa, raadiyoo, teeppiifi televizyiniin, lafummaa ogafaanii keessatti qooda mataa isaanii qabu, Okpewho (1992)fi Finnegan (1977). Haluma kanaan, sirbi masqalaas kallattii lufummaa adda addaa qaba. Sirboota aadaafi ammayyaa Afaan Oromoo keessatti bal'inaan beekamaa waan dhufeef, haala kanaan darbaa jira.

2.1.1.3. Qoqqoodinsa

Qu'annoo ogafaaniirratti addeessuufi qoqqoodanii dhiyeessuun kan qorattoonni dagachuu hinqabnedha, Georgesfi Owen (1995, f. 121). Hayyoonni hedduunis qoqqoodanii dhiyeessuuf kan yaalani yoo tahellee, rakkoon qoqqoodinsa irratti mudatu ammallee fala hinarganne. Kanaafuu, ogafaan keessatti bifa hunduu waliiglauu dandahuun gooroo eddoo gara garaatti qooduun rakkisaadha. Asafa (2004), Okpewho (1992, f. 127) Anderzejewsk (1985, f. 44). Kunis qoqqooduu irratti ulaagaa hunda galeessa tahe lafa kaawwachuu irratti rakkoo uumeera. Yaada kana, Finnegan (1977, f. 15), "One ... has to accept that the whole idea of 'genre' is relative and ambiguous dependent on culturally accepted canons of differentiation rather than universal criteria," jechuun ibsiti. Garuu, Okpewho (1992, f. 130) dhimma qoqqooddii irratti yaada isaa yoo ibsu, ulaagaafi daayessa naannoo gargaaramuun, ogafaan Afrikaa bifa hundagaleessa taheen hiruuf gufuu taha jedha.

Kanaafuu, ijoo ergaa ogafaan tokko dabarsu irraa ka'uudhaan yoo qoodame wayya yaada jedhu of keessaa qaba. Qorannoon kunis walaoowwan weedduu masqalaa walitti qabaman yoo xiinxalu tokkoo irra dhaabachuun, akkuma qabiyyee isaatti bakka xixxiqqootti haaluma qabiyyeefi dhaamsa isaatiin qooduudhaani. Kanaafuu, qorattuun kun weedduu/walaloo masqalaa akka gooroo ogafaanii/afoolaa tokkootti fudhattee, ijoo ergaafi daayessa naannoo waliin walbira qabdee qooduudhaan, yoomessa xixiqqaa ergaa xixiqqaattis qooduudhaan qaaccessitee, addeessuun dhiyeessuf yaalte. Dhiyeessi raga boqonnaa afur jalatti bu'uura kanaan raawwatame.

2.2. Yaadxina Qorannichaa

Dayeessi qorannoo kanaaf ta’u dayeessa tajaajilaati. Dayeessi tajaajilaa Ogafaan aadaa keessatti akkamiin akka tajaajilu kan qo’atudha. Xiyyeeffannoon dayeessa kanaa hawaasarratti ta’ee faayidaa Ogafaan tokko saba isaatiif qabu xiinxaluuf gargaara. Akka (Dorson 1972,f.24)ibsutti

The modern folklorist studies a community in historical depth, resides in it over protracted periods as participants ,observer,collector and gathers informations on the occasions of taletelling, audience reactions, biographies and personalities of the major and runoff mill narators ,influences on the tale reportore from popular and arts literature and the meaning and satisfactions derived by tellers and auditors from the narrative genres.

.Akka yaada kanaatti qorannoon Ogafaanii hawaasa abbaa afaanichaa irratti kan gaggeeffamu, bakka hirmaattonni, daawattoonnifi raga-sassaabaan argamanitti kan ta’u yoo ta’e ,yoomessa qabatamaa, kan waahimuufi dhaggeeffattootni bakka argamanitti kan gaggeeffamudha.Yaadni kunis qorataan ogafaanii dayeessa tajaajilaatti dhimma bahuun, taateewwan hawaasaa abbaa aadichaa keessatti raawwataman kallattumaan kan bira gahuu fi bakka hirmaataan,daawwataa fi qorataan argamanitti kan gaggeeffamudha. Dabalataanis wantootni afaaniin dubbatamaniifi barsiifanni maaliif akka tajaajilan akkamitti akka tajaajilan qo’achuun akka irraa eegamus ibsameera

2.3. Afwaalaloo

Dameewwa ogafaanii keessaa tokko afwalaloodha.Afwalaloon gosa aartii yeroo duraa kaasee kan jiruufi dhalli namaa baroota dheeraaf gaddaafi gammachuu, hawwiifi fedhii haala jiruuf jireenyaa mudannoo isaanii haala adda addaan itti weeddisaniifi faarsaa turani (Zarihun, 2002f.73). Afwalaloo ilaalchisee yaada beektonni garaagaraa ibsan akka (Zalaalam 2003, f.34) jedhutti. “Oromo oral poetry is one of those modes of expressions,that helps to externalize human feelings and imagination, about love, dream, hope, thoughts, aspirations and ideas about nature, about beauty and other many things” jechuun lafa kaa’eera. Akka yaada kanaatti, afwalaloon Oromoo meeshaa guddaa yaada ilma namaa keessa jiru ittiin ifatti baafatan ta’ee yaada jaalalaafi jibbeeabjuufi abdiif fuula duraa uumaafi uumamaa, bareedinaafi godeessummaa dhimma roorroo, dhiphuufi kkf ittiin ibsachuuf kan gargaarudha.

2.3.1. Faayidaa Afwalaloo

Afwalalaloon ,jecha afaaniitiin daddarbu bu’aa bahii jiruufi jireenya ilma namaa kessatti namoota cimuiirratti Afoollee warreen kaan caalaa qabeenya oguma aartii tajaajila olaanaa

qabudha.Kunis, yeroo daboodhaan waliin hojjetan haamilee waliif keennuu, yaada diinaa ofirraa cabsuufi gita qabsoo kessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uusaati.....

Afwalaloo keessaa immoo weedduun isa tokkodha.Akka Fedhasaan (2013,f.51) ibsetti “weedduun walaloo aariidhaan guutamee jirudha.”jechuun kaa'eera. kunis namni tokko jireenyaa isaa keessatti jaallatee dhabuu, waan tokko barbaadee gufuun itti baay'achuu danda'a. Yeroo kana aariidhaan guutamee xiiqiidhaan weeddisuu akka danda'u ibseera.Oromoo weedduu fayyadamuun haadha , abbaa, lafa, biyya, hiriyyaafi lammiisaa kanitti faarsudha.Yaada kana(Gammachuu 2003,f.15) “Songs are one of the most way in which the Oromo express their traditions, customs,beliefs, ritual, sorrows and joys. And songs are the means by which society expresses its feeling and an emotion, understanding about the past, reacts to the present situation, teaches the new generation.”jechuun ibsa

2.4. Ayyaana Masqalaa

Ayyaanni masqalaa hawaasa gara garaa biratti sababa gara garaan kabajama.Kunis dhimma amantaan walqabateefi bari'uu birraan sababeeffachuun kabajamu danda'a.Akka (Mbiti 1992,f.56) ibsutti Afrikaa keessti sirni kabaja ayyaanaa amantiin walqabate ibsaa ibsuudhaan raawwatamu kan jiru ta'uusaati. Kanas yoo ibsu,

A number of peoples keep or use “holy fire for religious purposes. The Herero have sacred fire on the village altars, with which the whole wale fare of the people is intimately connected. They mention God has being responsible for this fire which symbolize national life, prosperity and contact with the in seen word.

Akka yaada armaan olii kanarraa hubachuuf yaalamee jirutti uummanni hedduun ibsaa ibsuudhaan amanyii wajjin wal qabsiisee ayyaana tookko tokko kan ayyaaneffatu ta'uusaati. Uummanni “Herero” abidda eebbaa jechuudhaan ganda ykn qe'een tokko bakka tokkotti guba. Ibsaan kun mallattoo jireenyaa fi badhaadhina uummata tokko akka tahe kan ibsudha. Akkasumas karaa biroon dhimmuma kana yoo ibsu;

Thes Gikuyu performe a sermony involves liting the holy fire and carring it to all the religious ;people look up on it as a “purifying flame “ & eagerly wait to cath it with twings , in order to take it to their homes where the old fires have been put out.. The new time is not allowed to die out until the next season when the ceremony is repeated. This symbolizes the process of death and resurrection , the conquest of renewal over destruction . Probably the observance of this deeply meaning fully ceremony has virtually died out today. The nadi harvest ceremony harvest ceremony also involves liting as sacred fire offering prayers to God for the walefare of both people & cattle.

Akka yaada armaan olii kanarraa hubachuun danda'amutti, Gikuyu ibsaa masqalaa kan isaan ibsanii ayyaneffataniif akka midhaanni isaanii ija gaarii godhatuufi ilbiisonni midhaan akka hinballeessineef nibaraara jedhanii waan itti amananiif midhaan keessa deemanii, abidda ibsaa masqalaa kana midhaan keessa deemanii midhaan isaanii tuttuqsiiisu. Abidda eebbaa kanarraa hundumtuu gucatti qabsiifatee fudhatee galee, hanga bara dhufuutti akka abiddi ibsaa Sanaa hin dhaamiin turuuf of eeggannoodhaan eega. Abidda kana mana qabachuun mallattoo itti fufinsa sanyii namaatiif jireenya gaariidha jedhamee amanama. Ummati "Nandi" immoo ibsaa kana guyyaa midhaan galfatu ibsaa kana ibsuudhaan nageenya namaaf looniif waaqa galateeffata.

Akka Jerome & Smith (1972, f.159) Ayyaana waggaa kabajuu jechuun, yeroo yeroo itti hawaasni tokko hojii kooti jedhee iddoo kenneefi ayyanicha walitti fufinsaan turban tokkoof ykn turban lamaaf ayyaneffatudha. Ayyaneffannaan kunis tokkummaadhaan waan ta'eef tokkummaan hawaasa sanaas kan mul'isudha. Kabajni ayyaanaa, waggaa tokko irraa gara waggaa birootti, ji'a tokko irraa gara ji'a birootti, jireenya tokko irraa gara jireenya birootti riqicha nama ceesisudha. Bifuma walfakkaatuun, ayyaanni masqalaa, oromoo riqicha oromoon ji'a gannaarraa gara booqaa birraatti ittiin ce'u guyyaa ce'umsaa jedhamee hawaasa oromoo biratti kabajamuun kan beekamu keessaa isa tokkodha. Kanumarraa ka'uudhaan bifa Ayyaanni Masqalaa uummata Oromoo Godina Hoorroo Guduruu Wallaggaatti kabajamu irratti qorannoon kun xiyyeeffata.

Ayyaanni Masqalaa kun saba adda addaa biratti hiika adda addaa qabaachuu danda'a. Masqalli guyyaa quufaati. Yeroo itti beelli, gadadummaan, jeejeen, rakkoon adda addaa mana namootaa fi biyyarra jiru mana namootaati itti ba'anidha. Masqala gubuun immoo rakkoo mana namootaa keessa jiruu fi rakkoo biyyarra jiru boba'aa gucaatiin gubanii balleessudha. Yeroon masqalaa yeroo baay'ee namatti toludha. Yeroo biqiloonni bakkee itti daraaranii miidhaganii namatti tolanidha. Yeroon Masqalaa wayita midhaan haaraan ykn midhaan waggaa itti bilchaatani, yeroo itti agadaa weejoon nyaatamani, yeroo dargaggeessi itti gabbatu, biqiloonni bakke itti daddaraaruuf jedhanii daraaraa afaanitti abbuuqqatanii bakkeewwan uwwisanii namatti tolanii ofitti nama hawwatanidha.

Maskal is the day of celebration & song but it not celebration nor song.....ti is celebration a day of beautiful flower & brilliant bonfire. It is all of these things and yet it is non of them. For maskal alone & above all else is one things only. Maskal is the festival of finding the true cross. A Maskal and maskal is any things. It is a day of Soleman religious services & of joyus secular (William Ashak 1968, f.178)

Karaa biroon immoo akka Turner.opciti (1969,f.168) ibsutti,ayyaanni Masqalaa guyyaa gammachuu fi guyyaa bashannanaa,guyyaa nyaataa fi dhugaatii,guyyaa dhaqna namaatti tolee gammadaa oolanii fi guyyaa fannoon kiristoos itti fannifame guyyaa yaadannooti. Akkasumas ayyaana sana kan ibsu weedduu Masqalaa guyyaa itti weeddisaa oolanidha. Akkasumas guyyaan kun yeroo abaaboon masqalaa daddaraaree, bakkeen mimmiidhagee, kan gadde gammadee bashannanuu fi guyyaa ifaati.

2.4.1. Faayidaa Kabaja Ayyaana Masqalaaa

Ayyaanni Masqalaa uummata horroo guduruu wallagaa biratti faayidaa guddaa niqabaachuu obbo kusaa itichaa jiraataa godinichaa kan ta’an nidubbatu.akka fakkeenyaatti faayidaan ayyaana Masqalaa kabajuu yeroo ibsan”masqalli nuuf ayyaanota kam irrayyuu nicaala;sababiinsaa ganna qorraa, roobafi bakakkaa ooluun booqaa birraatti ba’uun ayyaanatti waaqa galateeffannu waan ta’eefi walgeenyee waa’ee jireenya hawwaaummaa keenyaa sakatta’uuf,gamaaggamuufi wal gorsuuf yeroo mijataadha” jedhu.kana malees kabajni ayyaana masqalaa shamarraniifi dargaggoota sababa hojiifi bacaqii gannaaf walirraa fagaatanii turan waan walittideebisuuf warra walyaade walqunnamsiisuuf haala mijataa niuuma jedhu.kabaja ayyaana kanaa daran kan hawwataa isa taasisu keessaa sirbi Masqalaa isa guddaadha.sirbi kun jal bultiirraa kaasee hanga guyyaan kabaja ayyaanichaa darbee turban lamaaf kan itti fufu yoota’u kana gidduutti ta’iiwwan gurguddoon raawwatu .Qabiyeen sirba kanaa waa’ee waqtiilee qabiyyee isaan fidanii dhufan,waa’ee gootummaa,waa’ee bareedinaa,waa’ee jaalalaa ‘gorsafiwalaloowwan hawaasummaa isaanii daran cimsan baay’ee ofkeessatti hammachuun isaan muraasa. Bakka sirbaa kanatti dargaggoofi shamarran bultiif wal ilaallatu, warri walilaallatan immoo suuqqata waliif laachuun jaalala waliif qaban ifatti waliif mirkaneessu..

2.5. Sakkatta'a Qorannoo Walfakkii

Qorannoon kun kan gaggeeffame “Qaaccessa Walaloo Sirba Masqalaafi Yoomessa raawwii isaa” kan jedhu irrattidha..

Waraqaa qorannoo Daandii Baalchaatii (2012), Mata duree “Qaaccessa Qabiyyeefi ijaarsa walaloo Sirba Masqalaa Godina Qellam Wallaggaa Aanaa Sayyoo,” jedhu irratti digirii duraa guttachuuf Yuniivarsiitii Madda Walaabuutti gaggesseera. Gosa qorannoo qulquieeffataan kan hojjete yommuu ta’u mala afgaaffii, marii gareefi daawwannaa fayyadameera. Qorannoo kana keessatti afaan ummachi dubbatu, faayidaalee ogafaanii ibsu, dabarsuu, barsiisuu to’achuu yaaleera. Sirboota kanas qoqqooduun ibsee jira. Kunis sirba jala bultii ayyaana masqalaa waan sirban, yeroo guca qabsiifatan, yeroo bakka gubaa deeman, yeroo gubaa xumuraniifi eebba jaarsolii hunda ibsee jira.

Kan biraan Waraqaa qorannoo Geexee Birruu (2006), Mata duree “Xiinxala Sirba Ayyaana Masqalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ada’aa Bargaa jedhu irratti Waraqaa qorannoo Digirii tokkoffaa guuttachuuf qophaa’e irratti Sirbi masqalaa lafa gubaatti qofaa kan sirbamu osoo hin taaane Dargaggoonni mana namoota dhunfaa dhaquun gammachuu birraa ibsu. Maatiinis nyaataafi dhugaatii, akkasumas qarshii kennuun gaggeessa. Isaanis yoo argatan eebbisanii yoodhaban abaarani deemu. Akkasumas sirbi yeroo birraa sirbamu irra caalaa jaalala qeerroofi qarree irratti akka xiyyeeffatu ibseera.

Dabalataanis Girmaa Taayyee (2006), Mata duree “Xiinxala Sirna Ayyaana Masqala Oromoo Godina Wallagga Bahaa Aanaa Gobbuu Sayyoo “ jedhu irratti digirii lammaffaa guttachuuf yuunivarsiitii Finfinneetti kanhojjetame yemmuu ta’u gosa qorannoo qulqulleeffataa gargaaramuun kan qorate yoota’uu waliigallii qorannoo isaa adeemsa ayyaanni Masqalaa qabaachuu danda’u ifa godheera

BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHA

3.1. Saxaxa Qorannicha

Saxaxni qorannoo kanaa qaaccessaa addeessaati. Sababiin isaas, qorannoon kun ragaawwan argaman yoomessa irratti hundaahee xiinxaluufi ibsuu irratti waan xiyyeeffateef. Akka ragaatti maalli qorannoo kana keessatti hojiirra oole, mala qorannoo akkamtaati (qulqulleeffataa) fayyadamuun kan gaggeeffame yommuu ta'u, sababni malli kun filatameefis malleen funaansa ragaa qorannichaaf barbaachisan argachuuf mijataa waan ta'eefi. Kanaafuu, mala akkamtaa (qulqulleeffataa) 'qualitative research' bu'uureffata jechuudha. Sababni isaas qorannoo kana keessatti odeeffannoon guuramu lakkoofsaan ibsuuf mijataa osoo hintaane ibsuutiin hiika kan argatudha. Kanarratti (Dastaa, 2010) (Yalew, 2006) wabeeffachuudhaan akka ibsetti, malli qorannoo akkamtaa yaada mala qorannoo akkamtaa of keessatti hammata jedhu. Abiyifi kaawwan (2009) yoo ibsan "Qualitative research involves studies that do not attempt to quantify their results but through analysis" jedhu. Kun immoo odeeffannoo afgaaffiin, daawwannaaniifi marii gareetiin argaman bal'inaafi gadi fageenyaan ibsuuf gargaara.

3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawatamni qorannoo kanaa walaloowwan weedduu/sirba Masqalaa keessatti tajaajilaniifi duudhaawwan biroo ayyaana kanaan walqabatee Horrooti calaqqisudha. Hawaasni naannichaa immoo madda ragaati. Godinni Horroo Guduruu wallaggaa Godinoota naannoo Oromiyaa bara 1998A.L.I. hundeeffaman keessaa tokkoo yemmuu taatu aanaawwan kudha lama ofjalatti hammatteetti. Baay'inni uummataa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa dhiira 378,928, dubara 377,099 waliigala 756,027 yommuu ta'u kanneen keessaa %45 dargaggootadha. Namootni aanaa kanneen keessatti qooda fudhatan manguddoowwan, hawwan, dargaggootaafi shamarran keessaa kan fudhataman tahu. Qorannichi Qabiyyeen walaloon sirba Masqalaa maal irratti akka xiyyeeffatu xiinxaluu, akkaataan hurruubbaa isaa maal akka fakkaatu addeessuu, yoomessi raawwii isaa yoom akka ta'ee ibsuu, Duudhaan ayyaana Masqalaa kallatti amantaatiin akkamitti akka hubatamu agarsiisuufi walaloon sirba Masqalaa hariiroo haalota biroo waliin qabu yoojjiraate ifa taasisa.

3.3. Iddatteessuu

Qorattuunn odeeffannoo funaanuuf iddattoo filatti. Iddattoon bakka qorattuun odeeffannoo irraa walitti qabattudha. (Dastaa 2013, f.132) (Trochim 2006) waabeffachuun hiika iddattoo yoo lafa

kaa’u “Sampling is the process of selecting units (e.g people, organization) from a population of interest so that by studying the sample we may fairly generalize our result back to the population from which they were chosen.” Akka yaada kanaatti iddattoo filachuun adeemsa jamaa tokko keessaa odeeffannoo argachuuf namoota yookaan qamoota jamaa sana fudhatanii itti fayyadamuudha.

Qorannoo gaggeessuudhaaf yemmuu kaanu mata duree filachuu, barruu sakatta’uu dabalatee kaayyoo qorannuuf qabaachuun eenyurratti kan jedhus gaaffii laayyoo miti. Gaaffiin kun naannoo qorannicha irratti gaggeeffamu (population)fi naannaawaa sana keessaa kan irratti daangeffamu, iddattoon is akka murteeffamuuf karaa bana. Iddattoon adeemsa odeeffannoo kennitoota qorannoof filataman jamaa keessaa dhufan sana akka bakka bu’an kan itti taasisamudha. Iddattoo filachuun kan barbaachiseef, yeroo, maallaqa, humna namaafi kkf qusachuuf yaadameeti. Haaluma kanaan namni qorannoo gaggeessu tokko tooftalee adda addaatti gargaaramuu danda’a. Tooftalee kunniinis akkaataa qorannichaa waliin deemuu danda’anitti ilaalamanii kan qorattuun filatamanidha. Maloota kana keessatti iddattoo hedduu fayyadamuurra iddattoo dhimma qorannoo irratti gaggeeffamu waliin walitti dhufeenya cimaa qaban muraasarraa odeeffannoo gahaa ta’e funaanuu irratti xiyyeeffatamuu qaba.

Malli iddattoo bakka lamatti yemmuu qoodamu, mala iddattoo carraa (probability sampling)fi mala iddattoo miticarraa (non probability sampling) jedhamanii beekamu. Mala carraatti yoo fayyadamame hirmaattonni carraa filatamuu argatu. Iddattoo miticarraan immoo hirmaattota jamaa keessaa kan filatamanii hirmaatanidha. Qorannoo kanaaf gosoota iddatteessuu keessaa kan qorattuun filatte miti carraadha. Malli iddattoon filatame immoo mala iddatteessuu akkayyoo fi mala darbaa dabarsaa kanneen jedhamanidha. (Addunyaa 2011, f.67). Sababiin malli iddatteessuu miti carraa itti filatameef qorannichi qorannoo qulqulleeffataa waan ta’eef namootni odeeffannoo quubsaa kennuu danda’an namoota umuriin buleeyyii ta’aniifi weedduu sirba Masqalaafi yoomessa isaa beekuu danda’u jedhamanii tilmaamaman waan ta’eefi.

Haaluma Kanaan odeeffannoo gahaa ta’e argachuuf aanaaleen godinichaa hundi dhimma ayyaana Masqalaa ilaalchisee haala walfakkaatuun waan kabajaniifi weedduuwwan weeddifamanis kan walfakkaatu waan ta’eef haala teessuma lafaafi daandii konkolaataa ilaalcha keessa galchuun aanaawwan Horroof aanaa Jimmaa Gannatii akka iddattootti filatamaniiru. Aanaa Jimma Gannatii keessaa gandoota sadii; Ganda Guddattuu Jimma; Kalaalaa Diddiimtuufi Guddattuu Gannatiiti. Ganda Guddattuu Jimmaa keessaa namoota afur , Ganda kalaalaa

Diddiimtuu keessaa namoota sadiifi Ganda Guddattuu Gannatii kessaa namoota afur fudhachuun ragaan funaanameera.

Haaluma kanaan Aanaa Horroottis Gandoota sadii akka iddattootti fudhachuun ragaan fudhatameera. Gandootni kanneenis Ganda Lootii Aannoo, Ganda Abee Buukkoodfi Ganda Ashaayaa Daaddoo yoota'an tokkoon tokkoon gandoota kanneen keessaa namootni sadi sadii akka iddattootti fudhatamuun ragaan funaanameera. Namootni iddattoo kana keessatti qooda fudhachuun ragaan irraa argame hawaasa gannda Sanaa bakka bu'u jedhamanii yaadaman: abbootii, hawwan, dargaggootaafi shamarran qooda fudhattoota ta'aniiru.

3.4. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman

Meeshaaleen odeeffannoo mala itti odeeffannoo qoranichaaf ta'u madda ragaa irraa haala itti fudhannu yookaan argannudha. Odeeffannoo funaanuuf malleen gargaaran hedduutu jiru. Malli qorattuun ittifayyadamte mala qorannoo akkamtaati. Malleen odeeffannoo qorannoo akkamtaa gaggeessuuf oolan irratti (Dastaa 2002, f.230), (Mariestefi Marieta 2000) waabeffachuun yoo ibsu, "Qorannoo akkamtaa gaggeessuuf odeeffannoo kan funaanu daawwannaa, afgaaffiifi meeshaalee suursagalee fa'atti deeggaramuudhaani," jechuun ibsa

3.4.1. Daawwannaa

Daawwannaan mala odeeffannoon itti funaanamu keessaa tokko ta'ee bifa itti qorataan tokko irratti argamee habuuruun odeeffannoo fudhatudha. Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti gaggeessu sana hordofa. Warri qorannoon irratti gaggeeffamu sunniin, kaayyoo qarataa beekanis beekuu baatanis qoratichi waan isaan dalagan, akkatti isaan dalagan, haasawa isaanii barattoota yoo ta'an sochii isaan barnoota irratti taasisan, kan jeeqanis yoo ta'e sirriitti ilaaluufi dhaggeeffachuudhaan galmeeffata. (Dastaa 2013, f.118). Kunis adeemsi kabaja sana irratti taasifamu akkamitti akka raawwatu baruuf gargaara.

Haaluma kanaan qorattuun walaloo sirba Masqalaa irratti hirmaannaa guutuu taasisuun eenyu akka raawwatu, yeroo akkamii akka raawwatu, wantoonni akkamii akka barbaachisan hubannaa gahaa argachuuf yoomessa dhugaa qindeeffamaa keessatti argamuun ragaa funaantee xiinxala qorannoo isheetti fayyadamteetti.

3.4.2. Afgaaffii

Afgaaffiin gosoota odeeffannoon qorannoo itti funaanamu keessaa isa tokko ta'ee kanqorataafi odeefkennaan fuulleetti walarganii odeeffannoo waliif kennanidha. Odeeffannoon afgaaffiidhaan funaanamu wanti gaarii taasisu qorattuun gaaffishee sirriitti ifa gootee akka ibsituuf odeefkennaan gaafachuu danda'usaati (Dastaa 2013, f.111). Odeeffannoo daawwannaadhaan ifa hintaane qulqulleeffachuuf kan gargaarudha. Kanamalees qorattuun osoo argituu kan hingalleef yoojiraatellee fuulaafuulatti ibsa nala'aa argachuuf mala gargaaru ta'uu, (Crewell 2003, f.181) irratti waa'ee afgaaffii yoo ibsu "In interviews the researcher conducts face to face interview ..., These interviews involve unstructured and generally open ended questions that are few in numbers." jechuun lafa kaa'a.

Afgaaffiin yeroo barbaadame fooyya'uu danda'a. Kunis haalli odeefkenna ilaalameetu. Namoonni odeeffannoo kennan waan hingalleef gaafachuu danda'u. Qorataanis warreen odeeffannoo kennan, yoo deebii gaaffii wajjiin hindeemne deebisuu yaalani, gaafficha fooyyessuun yookaan hubachiisuun akka karaatti deebi'u taasisuu danda'a. Sochii fuula odeefkennitoota irraas haala jiru hubachuun yookaan tilmaamuun nidanda'ama. Afgaaffiin bifa lamaan adeemsifamuu kan danda'u yoo ta'u, isaanis afgaaffii banamaafi cufamaa jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Afgaaffii banamaan yaada odeefkennitoonni yaada isaanii bal'isanii akka barbaadanitti ibsuun kennan yoo ta'u, afgaaffii cufaan immoo odeeffannoo gaafataman bifa gabaabaa ta'een haalatti kennanidha. Qorattuunis amala ayyaanichaa irratti hundoofttee gaaffilee akaakuu afgaaffii lamaanittuu fayyadamtee odeeffannoo afgaaffiin odeefkennitoota irraa funaanuuf jirti. Qorattuun mala af-gaaffii kana kan filatteef odeefkennitootakeessaa kanneen barreessuufi dubbisuu hindandeenyeefi maanguddoota umurii dheeraa qaban waan ofkeessatti hammatuufi. Namoonni afgaaffii kana irratti hirmaatanis hawwan keessa namoota shan, dargaggootaafi shamarran irraa namoota kudhaniifi manguddoota irraa immoo namoota shan ta'u.

3.4.3. Waraabbii Suursagalee

Qorannoo kana gaggeessuufi odeeffannoo funaannachuuf meeshaan hojjiirra oolu keessaa tokko meeshaa suursagalee yoo ta'u meeshaa kanaan qorattuun warreen walaloo sirba masqalaa sirban amansiisuufi eeyyamsiisuun kabaja ayyaanichaa keessatti raawwii ta'an duraa duubaan suuraafi sagaleen warabuuf karoorsitee jirti. Odeeffannoo haala kanaan walitti qabamu kana immoo gara barreeffamaatti jijjiiruun suuraalee muraasa raawwii kabaja ayyaana kana agarsiisan keessa waraqaa qorannichaa keessatti hammachisuuf niyaalti

3.5. Mala Xiinxala Ragaalee

Ragaaleen funaanaman akkaataa mala odeeffannoo ittiguuramaniin mata dureen qoodamanii kan xiinxalaman ta'a. Ragaaleen suursagaleen guuraman suuraafi barreeffamaan akkaataa sababa weedduun masqalaa kun itti weeddifamaniin qoqqoodamanii kan qaaceffaman ta'a. Malli odeeffannoo hiikuu immoo waa'ee dhimmicha qoratamuu sirriitti ibsuu danda'ajedhamee waan amanamuufii mata durichaaf mijataa waan ta'eef filatamaadha. Akkasumas, qorannoon akkamtaa baay'ina irratti osoo hintaane gadifageenyaan ilaaluu irratti hundaa'uun odeeffannoo karaa jechaan funaanamandhimma barbaadame irratti yaada bu'uuraa lafa kaa'udha. Kanaaf gosa qorannoo akkamtaatti fayyadamuun qorattuun qorannooshee kana kan xiinxaltu ta'a.

BOQONNAA AFUR:DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAA

4.1. Qabiyyeewwan Walaloo Sirba Masqalaa

Boqonnaa kana jalatti ragaawwan qorannichaa akkataa qorannoo garagaraa fayyadamuun walitti qabaman qaaccaffamuun dhiyaataniiru. Kanas odeeffannoowwan argaman mata duree adda addaatti qoqqooduun erga tartiibamanii booda qorattuun qaacca'uun hiikni itti laatameera. Haaluma kanaano odeeffannoowwan murteessoon kutaa kana jalatti kaa'aman: xiinxala xiyyeeffannaa qabiyyee walaloo sirba Masqalaa, akkaataa hurruubbaa sirba masqalaa ibsuu, yoomessa raawwii duudhaa ayyaana Masqalaa maal akka ta'ee ibsuufi Duudhaan ayyaana Masqalaa kallattii amantiitiin akkamitti akka hubatamu agarsiisuu kan jedhu yoota'u, walaloon sirba Masqalaa qabiyyeewwan garaa garaarratti xiyyeeffachuun kan sirbamu yemmuu ta'u kunis jala bultii irraa kaasee hanga xumura ayyaanichaatti qoqqoodamuun kan sirbamudha.

Dargaggoonniifi shamarran ergaa itti dabarsuuf yeroo itti fayyadaman wantoota yoomessa ayyaanichaan walfakkaatu irra caalaa kan xiyyeeffatudha. Dabalataanis yoomessa Masqalaa keessatti seenaawwan dhugaa hawaasa keessatti raawwataniifi raawwachaa jiran kan tuttuquudha. Qabiyyeen walaloo sirba Masqalaa gammachuu ayyaaneffannaa, barnoota haala umuriifi saalaan adda qoodee darbu hedduu qaba.

4.1.1. Sirboota Bareedina Habaaboo Birraaf Sirbaman

Gosti sirbaa kun shamarraniifi dargaggoon barii'uu birraa sababeeffachuun, kana keessatti immoo jiruufi jireenya isaanii keessatti waan argataniifi waan argachuuf jiran irratti hundaa'anii sirbanidha. Akkasumas habaaboo miidhagaa margee dachee uuwwise walbira qabuun waa'ee jireenya isaanii ittiin ibsataniidha. Walaloon sirboota yeroo ayyaana Masqalaa keessatti calaqqisu ijoowwan jiruufi jireenya hawaasaa kallattii hundaan kan tuttuqu yoo ta'ellee, daraaraa, yookaan, habaaboo, yookaan ililliin kan jalqabaa hanga dhumaatti walaloo keessaa hindhabammedha.



Suura 1.Habaaboo Birraa

Hiyyoo Daraarooko

- | | |
|--------------------------------|----------------------|
| 1. Hiyyoo yadaraaroo koo | Hiyyoo yadaraarookoo |
| Senderereen immo daraarookoo | Hiyyoo yadaraarookoo |
| Seendereree dhakaa daraarookoo | Hiyyoo yadaraarookoo |
| Beregereen immoo daraarookoo | Hiyyoo yadaraarookoo |
| Beregeree dhakaa daraarookoo | Hiyyoo yadaraarookoo |

Walaloo kana keessatti Sirbi Masqalaa yoomessa mataasaa kan qabu ta'uu mul'isa. Akkasumas wanta dhaabatoofi jijjiiramoo ta'an addatti agarsiisuufi hunduu yeroo isaatti miidhagaa akka ta'ee ibsa. Shamarraniifi dargaggoonni Sirba Masqalaa sirban yaadannoo wayii yoomessichatti kaahanii akka darban mul'isa. Dabalataanis barri har'a keessa jiru lammata dhufuu akka hindandeenye, kanaafimmoo yerootti gammaduu akka qaban sirbaan ergaa walii dabarsu.

Masqalli yeroon kabaja isaa barii birraati. Bariin birraa immoo yeroo daraaraa biqiltuu garagaraati. Midhaanis aramaanis, margis,gamaa gamanaa, gaaraafi dirree irraa yerootti miidhagee mul'atudha. Kunis, dargaggoota hundaaf (dhiira/ dubara) yeroo abdiifi gammachuuti. Ofummaayyuu, dargaggoonni habaabootti fakkeeffamu. Abdii haaraatiin ija hawaasaa ta'uuf kan imaanaan irra jirudha. Kanaafuu, akkuma birraan yeroo miidhagina biqiltootaafi midhaanii ta'e,

dargaggoonnii umurii isaanii irraa kan ka'e yerootti akka habaaboo birraa daraaranii miidhaganiidha. Kanaafuu, kanaafuu sirba Masqalaa irratti "... Dareekoo-daraartuu koo-habaaboo koo..." jechoonni jedhan bal'inaan irra deddeebiin dhufuun kan beekamedha.

Kanaafuu, maqaaf kan faarfamu habaaboo birraa ta'us, dhugumaan habaaboon faarfaman dagaggootuma. Akkuma suuraa 1 armaan olii irraa argamutti, margi akkasitti miidhagee mul'atu kun siddisa jedhama. Siddisni yeroo hunda daraaree hinargamu. Siddisni daraaruun mallattoo birraan barihuuti. Siddisni birraa yeroo yeroo akkasitti mul'atu ijatti qofa tola miti. Fooliin naannoo saniis akka shittooti urgaaha. Qalbii namootaattis waan gaariitu dhagahama. Waqtiin kun, yeroo nama qofatti tolu osoo hintaane, beelladattis yeroo toludha. Kanaafuu, sirbi Masqalaa walaloo jechoota daraaraa birraa waliin walqabataniin bal'inaan dhiyaachuun isaa, yeroo birraa, yeroo haargalfii, hanga midhaan bilchaatee walitti qabuun gahutti yerootti dargaggoonni jaalala daangaa safuu eegeen gammadanidha.

Walaloon armaan gadii keessattis akkuma mul'tu, "... yadaroo koo..." kan jedhu irra deddeebiin dhufee, bo'oo sadaffaafi afraffaa irratti "Yabareeda durbaa daroo koo ...Morma moo ikaaniree daroo koo" kan jedhus waldinqisiifannaa miidhaginaa miira jaalala keessaa walaloo Masqalaa irratti calaqqisu agarsiisa. Kanaafuu, walaloon Masqalaa dhimmmmoota waqtii birraa mul'isan, haala naannoon hindhabamu. Yeroo birraa fakkaatu kan agarsiisu yoo qabaateyyuu, walaloon jaalalleewwanii keessaa:

2. Hiyyooleen Masqalaa daraaroo koo Hiyyoo yadaraarooko

Borumoo iftaaniree daraaroo koo Hiyyoo yadaraarooko

Yabareeda durbaa daraaroo koo Hiyyoo yadaraarooko

Mormamoo ilkaaniree daraaroo koo Hiyyoo yadaraarooko

Qabiyyee walaloo kanaa karaa adda addaan hubachuun kan danda'amu yemmuu ta'u, gammachuun Masqalaa yeroo barbaannetti kan dhufuu hindandeenye ta'uufi waktii dhaabbataa kan qabu ta'uu agarsiisa. Akkasumas miidhaginni shamarran qabanis, yeroosaatti baay'ee barbaachisaafi hawwataa ta'uu mul'isa. Miidhaginni kunis kan mul'atuun qofa osoo hintaane ijaafi haala salphaadhaan hubachuun kan hindandeenye ta'uu mul'sa. Miidhaginni kunis kan mul'atun osoo hin taane ijaafi haala salphadhaan hubachuun kan hindandeenye ta'uu mul'isa. "Morma moo ilkaaniree daroo koo" kan walaloo asiin olii keessatti dhiyaates diqisiifataniifi

dhiisan illee kan nama wallaalchisu ta’uu agarsiisa. Kunis qarruummaa qabaachuu, obsa, hubattuu ta’uufi beektuu ta’uu danda’uu kan hubachiisudha.

3. Leeqaan callee hintumuu daraaroko	Hiyyoo yadaraarooko
Hinikashakashaa daraarooko	Hiyyoo yadaraarooko
Seenaan qarree hindhumu daraarooko	Hiyyoo yadaraarooko
Turee buleetimmoo daraarooko	Hiyyoo yadaraarooko
Nama bacabacaa daraarooko	Hiyyoo yadaraarooko
Arreedi yaharree daraarooko	Hiyyoo yadaraarooko
Hamma dirreettillee daraarooko	Hiyyoo yadaraarooko
Bareedi yaqarree daraarooko	Hiyyoo yadaraarooko
Hamma yeroottillee daraarooko	Hiyyoo yadaraarooko

Kabaja ayyaana Masqalaa irratti hundaa’nii jiruufi jireenya baadiyyaattin walqabatee nama mudatutti yeroo galan bilisummaa yeroo shamarrummaafi gaa’ila keessa erga seenaniimmoo faallaa jireenya duraanii kan nama mudatu jiraachuu danda’uu walakeekkachiisu. Kunis hogganamuurraa bahanii maatii hooganuutti yeroo ce’an hagam ulfaataa akka ta’ee walgorsu. Kun immoo hiree jireenyaa ta’uufi kan dirqama keessa darbamu ta’uusaa sirbaan waljajjabeesu. Qarreefi qeerrummaan akkuma habaaboo birraati. Hunduu yeroo isaatti miidhagee lafaafi naannoo miidhagsee ija godhatee darba. Yeroo biraa, habaaboo birraafi qarree qeerroo biratu dhufa. Kanaafuu, waan darbuun hinoolle, kan booda yaadaafi yaanni isaa garaa nama raasu, akkuma walaloo keesatti jedhame kan nama “bacabacu” waan yeroo barbaadu raawwatani keessa darbuu walgorsuuti keessatti calaqqisa. “Arreedi yaharree, amma dirreettillee, bareedi ya qarree, amma yeroottillee” walaloon jedhu kanuma mirkaneessuufi.

4. Arreedee jarjaree	Hiyyoo yadaraaroo koo
Beekee dubbii hinhimu	Hiyyoo yadaraaroo koo
Asheeta barbarree	Hiyyoo yadaraaroo koo
Shooxee mudhii ribuu	Hiyyoo yadaraaroo koo
Warri baddaa urgaa	Hiyyoo yadaraaroo koo

Gurraattii gurguru	Hiyyoo yadaraaroo koo
Gargar nun baasiin yagalaanakoo	Hiyyoo yadaraaroo koo
Gurraachi gumgumu	Hiyyoo yadaraaroo koo

Walaloo kana keesatti shamarran yeroo walbira jiranitti ayyaana Masqalaafi daraaruu habaaboo sababeeffachuun seenaa garaagaraa waliif dhaamanidha. Kunis miidhagina qarrummaa, bilisummaa yeroo maatii bira jiraniifi gaa'ilaan booda jiru garaagarummaa gidduu jiru ibsatu. Seenaa yeroo shamarrummaatti dabarsan baay'ee hedduu ta'uusaafi kunis akka darbuu danda'u hunda walmararsiifannaan akka ibsatan addeessa. Wantoonni yeroo qarrummaa malee argamuu hindandenye akka jiru sirbaan walakkeekkachiisu. Walaloo keessatti "shooxee mudhii ribuu" jedha. Kun immoo miidhagina dhaabbii isaanii mul'isa. Kunis adeemsa gaa'ilaafi umuriin hirdhisaa akka deemuu beekamaadha. Akkasumas "Gargar nun baasini gurraachi gumgumu" jechuun weeddisu. Walaloon kun bari'uu birraa sababeeffachuun haasirbamuu malee kaayyoon isaan ittiin dabarsaniif hedduu ta'uu danda'a. Kunis tokko shamarran sun hiriyaa dubaraa qabaatanii wajjiiniin turuu yoobarbaadan yookiin shamarran hiriyaa dargaggoo haala safuu hawaasichaa hintuqneen (qabdo) qabaatanii maatiin immoo kan biraaf kaadhimsiisuu yoobarbaade yaada Kanaan ibsachuu danda'u.

4.1.2 Sirba Bokkaan Roobee Biqiltuuwwan Biqilchuu

Faaaruun kun kan dhiyaatu bacaqiin gannaa booda hadaan daraaree foolii urgaa namatti tolu yeroo qabaatu yoomessa sana keessatti shamarraniifi dargaggoon waa'ee daraaruu hadaa faarsanidha. Kana keessatti wantoonni yaadachaa sirban hedduu ta'uu nidanda'a. Qarreefi qereroon fayyaalessa ta'e mudannoo kan hinqabaanne hinjiru. Mudannoo jaalalaa yoomiyyuu hindagatamne urgaa hadaa sunfachaa Jaalala qulqulluu waliif qaban hunda argaa yaadaan isa itti mul'atu hunda yaadachaa waliif weeddisu. Kunis geengoo uumanii shamarran dibbee qabachuun gidduu dhaabbatanii sirbun mul'achuu nidanda'a. Gosti hurrubaasaas tokkummaan kan raawwatamudha.

1. Seeyahadaa yoobirraan roobewo

Ammaalan oole galliko kiiyo hadaa	Yoobirraan roobowo
Yafalaxaa kumii hadaa	Yoobirraan roobowo
Waato qoraafanna hadaa	Yoobirraan roobowo

Yahalaga dhumi hadaa

Yoobirraan roobowo

Yaaddoo hobbaafanna hadaa

Yoobirraan roobowo

Yaaddoo bonaaf gannaa hadaa

Yoobirraan roobowo

Qabiyyee walaloo kana keessatti yaada gara garaa lamatu ibsamee jira. Yeroon birraa bokkaan roobee midhaan biqilcha. Akkasumas gosoota mukkeenii hundaaf barbaachisaadha. Mukeen immoo akkuma beekamu faayidaalee garagaraa qabu. Isaan keessaas mukti waatoo qoraanirra darbee qodaa qoraasuuf, mana urgeessuuf baayinaan kan oolu ta'uusaa mulisa. Kanaaf faayidaan waanta tokkoo baayiinaan jiraachuu qofa osoo hintaane hammi barbaadamu jiraannaan gahaadha kan jedhudha. Karaa biraa immoo dargaggeessi : biyyaaf, maatiif, waan hundaan gaaddisaafi faayidaa qabeessa yoota'eyyuu, qeerroon qarree fudhee maatii hoogganuuf deemu karaa biraa mirga shamarranii akka itti ishii jiraachisuu waan hin beekneef sirbaan ergaa dabarfatti. Dhiisuuf aadaafi safuu hawaasichaa waan ta'eef kan aadaaniifi dirqamni ba'aa jireenyaa itti kenname qeerroo abaaruu dirqama waan dalagaa jirtu ibsatti. Osoo kun hintaane bilisummaan dhuma hinqabneakka jiru sirbaan himti. Dhugaan isaa garuu gaa'ilaan ijaaramuudha.



Suura 2. Shamarran yeroo Masqal Gubiitti sirban.

1. Hingirdaada tarree hadaa

Yoobirraan roobowo

Ceekaa dagaleekoo hadaa

Yoobirraan roobowo

Ijibbaata qarree hadaa

Yoobirraan roobowo

Seenaa sagaleeko hadaa	Yoobirraan roobowo
Otoon baddaa bahu hadaa	Yoobirraan roobowo
Ulee mixoo argachoo hadaa	Yoobirraan roobowo
Gargar nubaasiini numancaasiini hadaa	Yoobirraan roobowo
Maaramii ishee dabshoo hadaa	Yoobirraan roobowo

Qabiyyeen walaloo kanaa aadaa Oromoo keessatti hirriyyummaan bakka guddaa kan qabuufi haala salphaan kan hindagatamne ta'uu ibsa. Haata'u malee deemsi hiriyoota kanaa gaa'ilaan booda akka barbaadan ta'uu waan hindandeenyeef soodaa qaban sirbaan ibsatu. Akkasumas, lafti gaa'ela ittiin ijaaran kan hinbeekamneefi fagoo ta'uu waan danda'uf akka gargar hinbaane waaqa isaanii sirbaan kadhatu.

2. Wallaggee wallaggee hadaa	Yoobirraan roobowo
Wallaggeen mukuma hadaa	Yoobirraan roobowo
Dubaree hiriyyeeko hadaa	Yoobirraan roobowo
Waldhabne waldhabne hadaa	Yoobirraan roobowo
Waldhabne dhuguma hadaa	Yoo birraan roobewo

Walaloon sirba Masqalaa kun shamarran kan weeddisan gammachuun guutamanii birraan yeroo bari'u hadaan daraaree namatti tooluu isaa himu. Ayyaana Masqalaa ho'isuuf haata'uu malee; walaloo kana keessatti yoo gaa'ilaan hidhaman akka ammaa bilisaan ayyaana faarsuu akka hindandeenyee himu. Kanas kan isaan dhoorku abbaa warraa isaaniifi aadaa waan ta'eef halagaa manatti isaan hidhuuf jiru abaaruun weeddisu. Waaqa kadhataniifi akka hinoollee waan beekaniif fudhachuu isaanii weedduun faarsu

4.1.3. Walaloo Sirboota Masqalaa Bari'uu Birraa Sababeefachuun Sirbamu

Walaloon sirba Masqalaa waa'ee ayyaana sababeeffachuun dhimma jaalalaa, gootummaa, ajjeesaa, gammachuu, hiriyummaa, dhabuu, argachuufikkf irratti xiyyeeffachuu danda'a. Kunis bari'uu birraaf kan weeddifamu yoota'u, miidhaan yeroo gahuu waan ta'eef ayyaanota kaawwan irraa adda ta'uu nimala. Sabni afaan tokko dubbatu, aadaa tokkoon beekamu walitti yaa'ee bakkeetti guca qabsiisee tokkummaan waan birraan kenniteef nyaatee dhugee gammachuu kana

sirbaan ibsata. Bilisummaa ibsachuu keessatti sirbi karradha. Waan boriif yaadanillee sirbaan dhaammatu.

1. Birrolee yaabirro birroleehoo	Birroleehoo
Irraangade wandoo birroleehoo	Birroleehoo
Fardeen takaalanihoo birroleehoo	Birroleehoo
Irraanfanne wayyoo birroleehoo	Birroleehoo
Jarreen magaalanhoo birroleehoo	Birroleehoo
Isin lachuu bulaa birroleehoo	Birroleehoo
Akka lakkuu bunaa birroleehoo	Birroleehoo
Isin lachuu horaa birroleehoo	Birroleehoo
Akka lakkuu goraa birroleehoo	Birroleehoo

Sirba Masqalaa keessatti dargaggoofi shamarran wantoota keessatti hinhirmaachisiin hinqabani. Ergaan yaadichaas jaalaleewwan lameen yookiin warra jaalalaan gaa'ilatti seeneef ta'uu nimala. Ergichis qabiyyeen sirbaa keenyi heedduu ta'us wanti dagatamuu hin qabne jira kan jedhudha. Yaada walaloo kana keessatti ayyaana Masqalaa sababeeffachuun shamarran wantoota garaagaraa kan jajan deeggaran, onnachiisaniifi eebbisaniidha. Hawwaasa tokko keessatti walitti dhufeenyi yookiin tokkummaan gaarii akka ta'e ibsu. Kunis jaalalaaf yookiin gaa'elaaf ta'uu nidanda'a.

1. Qerransa qaluun koo birroleehoo	Birroleehoo
Narratti haagguufi birroleehoo	Birroleehoo
Qeerroo faarfachuunkoo birroleehoo	Birroleehoo
Narratti haaloluufi birroleehoo	Birroleehoo
Hallayyaarran fiiga birroleehoo	Birroleehoo
Gorroorran maammada birroleehoo	Birroleehoo
Eessaa gala obboonkoo birroleehoo	Birroleehoo
Addaanyii harka dhiigaa birroleehoo	Birroleehoo
Shorroo ija barbadaa birroleehoo	Birroleehoo

Walaloo sirba Masqalaa kana kan dura bu'an shamarran yemmuu ta'an; ergaan inni qabaatus kallattii garaagaraan dargaggoota jajuu yemmuu ta'u, Walalichi "qeerroo faarfachuun ko narratti haaloluufi kan jedhu yoomessa Masqalaa sana keessatti yaadni faallaa shamarran keessatti maddu jiraachuu nidanda'a. Isa sana immoo qophaa osoo hintaane nama barbaadaniin akka irraa eessamu barbaadu. Kunis hiriya jaallatan ta'uu danda'a. Kun yoo ta'uu baate yookaan yoocime immoo yaadichi gara obboleessaatti deemee akka fala argatu yoo barbaadan Obboleessa cimaa qabaachuuu isaaniif ergaa natti hinbu'iinaa sirbaan dabarfatu. Wanti dalagnu tokko duuba bu'aa barbaannu sana irraa argachuuf beekamaadha. Wanta sanaaf immoo gaatii kaffaluun iddootti jiraatu nimul'ata. Kana yoo taasisne immoo bu'aa hanga barbaanne irraa argachuu nidandeenya.

2. Boolalee bolalee birroleehoo	Birroleehoo
Boolalee yaagorroo birroleehoo	Birroleehoo
Fardiikee yaa obboo birroleehoo	Birroleehoo
Isa lola oole birroleehoo	Birroleehoo
Haanyaatu amoolee birroleehoo	Birroleehoo
Amooleen soogidda birroleehoo	Birroleehoo
Garbuun irbaatasaa birroleehoo	Birroleehoo

Qabiyyeen walaloo kanaa shamarran yerootti gootummaa kallattii kaminuu mul'ate yerootti jajjabessan nimul'ata. Kunis daangaa biyyaa egsisuu, cimani hojeechuun galii biyyaa guddisuu, hiyyummaa seenaa gochuufikkf ta'uu danda'a. Goototni kun cimina isaan qaban jajuurra darbee Fardii isaanii gatii akka qabuufi Uummata Oromoo birrattis Fardi iddoo guddaa akka qabu ibsu. Gatii sabasaaf kaffales sirbaan jajjabeessu.

4.1.4. Sirba Masqalaa Shamarran Jireenya Fuulduraa Isaaniif ittiin Walgorsan

Aadaa oromoo keessatti wantotni bakki olaanaan kennamuuf keessaa tokko dhimna fuudhaafi heerumaati. Kana keessatti immoo ulaagaaleen hawwaasni kun ittiin gaggeessu nijiraata. kana ilaalchisuun shamarran gaa'illi isaanii boruu bareedaa akka ta'uuf gorsa waliif kennu. Gorsa isaan waliif kennanis immoo yoomessa mijataa hiriyyoonni hedduun ittiin wal argan ta'uun filatamaadha. Kanaaf yoomessa Masqalaa keessatti sirbaan kan itti wal akeekkachiisaniidha.

1. Yahabaabakoo yaabirra	Yahabaabakoo yaabira
Kanan baddaa jibbuu yaabirra	Yahabaabakoo yaabira

Kusaayee biiqilchaa yaa birra	Yahabaabakoo yaabira
Hurriisaa wajjinoo yaabirra	Yahabaabakoo yaabira
Kanan suubboo jibbu yaabirra	Yahabaabakoo yaabira
Haqqifatee hin tufuu yaabirra	Yahabaabakoo yaabira
Dhuudhaheetu liqimsaa yaabirra	Yahabaabakoo yaabira
Furriisaa wajjinoo yaabirra	Yahabaabakoo yaabira

Qabiyyee sirba Masqalaa kana keessatti yeroo fillannoo gaa'elaa shamarran kan heerumuu qaban qeerroo (kan duraan hinfuunetti) yoo ta'e malee jaalalliifi kabajni isaan waliif qaban guutuu akka ta'uu hindandeenye walitti himu. Akkasumas suubbootti (kan fuudhee hiiketti) yoo heeruman akka qeerrootti jaalala sirrii kennuufi hindanda'u. Ishiinis kabajni isaaf qabdu xiqqaa ta'uu danda'a. Walamantaa dhabuun waan jiruuf gaa'ila nagaa hinqabnee ta'uu danda'a. Kanaaf aadaan Uummata Oromoo gaa'ilaaf bakka guddaa akka qabu nuhubachiisa. Kanaaf yeroo Masqalaa sirbaan walakeekachiisu.

2. Matajaboo golaa yabirra	Yahabaabakoo yaabira
Mehaleelaa soraa yabirra	Yahabaabakoo yaabira
Kessi ingirdaaduma ,ingirdaada ishee	Yaabirra yahabaabakoo yaabira
Sirbittii Masqalaa yaabirraa	Yahabaabakoo yaabira
Mee haleelaa sirbaa yabirraa	Yahabaabakoo yaabira
Keessi ijibbaatuma, ijibaatashee yaabirra	yahabaabakoo yaabira

Yaadni walaloo kanaa sirbi Masqalaa waggaatti altokko kan dhufu waan ta'eef; waggaa gahani walarguun feetuu ta'uu nidanda'a. Kanaaf amma bareechinee waliin taphana yookiin ayyaana kana dabarsina kan jedhu ergaa dabarfatu. Akkasumas immoo lammata walarginee daaraa kana irratti sirbuu dhabuu nidandeenya kan jedhudha. Ijibaata yookiin isa dhumaa ta'uu nidanda'a. Haata'u malee dhaamsi kun yeroo baayyee shamarraniif hojjeta. Sirba Masqalaa kan sirbu garuu shamarran qofaa miti. Akkasumas hiriyyoonii bakka tokkotti dhalatani guddatan gaa'ilaan duuba carraa iddoo tokko jiraachuu waan hindandeenyefi.

3. Dubarre hiriyyeekoo yaabirra	Yahabaabakoo yaabira
Gamasi baanamoo yaabirra	Yahabaabakoo yaabira
Gamana baanaree yaabirra	Yahabaabakoo yaabira
Wajjini baanamoo yaabirraa	Yahabaabakoo yaabira
Gargari baanaree yaabirra	Yahabaabakoo yaabira
Yoo wajjin baanemmoo yaabirra	Yahabaabakoo yaabira
Rabbi nubaadhukaa yaabirra	Yahabaabakoo yaabira
Yoo gargar baanemmoo yaabirra	Yahabaabakoo yaabira
Yaa du'aa nuyaadhu kaa yaabirra.	Yahabaabakoo yaabira

Walaloon sirbaa Masqalaa kun shaamarran guyyaa dhuma Masqalaa hirriyoota jalbultii irraa kaasanii wajjiin sirbaa turaniif walmararsiiffannaan walgaggeessanidha. Akkasumas hawwii bara dhufu walarguu danda'an waaqayyoon kadhachaa yoo ta'uu baatemmmoo ofitti murachaa seenaa walitti himanidha. Ta'us jiruufi jireenya keessatti gaa'illi waan hinoole ta'uu hubatanii sirbaan walgorfataniidha.

Ishooleen Eemmile

1. Ishooleen eemmile	Ishooleen eemmilee daarii horroo
Hodhikaa hodhina daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo
Hodhan gundoo muru daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo
Dubaree hiriyyeeko daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo
Obsikaa obsina daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo
Obsan gaariin bulu daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo

Sirbi Masqalaa kun shamarran walitti qabamanii yeroo sirban jiruufi jireenya isaanii keessatti wantoota isaan mudatan akkamitti jala darbuu akka danda'an gorsaan walitti himu. Kunis jireenya baadiyaa keessatti maal naan jedhuun kan barame waan ta'eef; rakkoon yoo jiraatellee obsi barbaachisaa akka ta'edha. Akkasumas dubartiin gaa'ila dhaabdee yoo ta'uufi didee diigde akka kabajni irraa fuudhameetti malee rakkoo isheef furmaata argatte, kan jedhee hubatu hinjiru.

Carraa isheef qoodame obsitee akka jiraattu, obsaan boodas gaariin akka mudatu sirbaan walitti himu.

2.Ishooleen eemmilee daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo
Ya ilikee lagarraa daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo
Akkamiin sirbina daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo
Jalbultii Masqalaa daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo
Funaanee fixekaa daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo
Halagaan nujalaa daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo

Jala bultii Masqalaa ho'isuuf shamarran qooda guddaa qabu. Kunis maatii dhokatani yookiin eeyyamsiisani ta'uu danda'a. Shamarran kun immoo kan gaa'ila dhaaban yoota'e abbaan warraa eeyyamuu dhiisuu danda'a. Akkasumas lafti itti heerumanii deeman fagoo ta'uu waan danda'uuf akka yeroo Sanaa walarganii sirbuu hindanda'an waan ta'eef "funaanee fixekaa halagaan nuduraa" jechuun sirbaan waan itti dhagahame ibsatu. Yoo fe'eefu bilisummaan maatii bira jiraatanii wanta barbaadan gaafachuu, kan danda'an maatii birratti, gaa'ilaan dura ta'uusaa walii dhaamu.

3.Anaawaaru waaroo daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo
Waaroo qoricha qorraa daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo
Waaroo dachaafatanii daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo
Maal sodaatu qorra daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo
Anaa haadhu haadhoo daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo
Haadhoo qabaatanii daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo
Maal sodaatu morka daarii horroo	Ishooleen emmilee daarii horroo

Walaloo kana keessatti wantoota lamatu wal bira qabamee ibsameera. Kunis faayidaa inni kennuun kan xiyyeefatu yoo ta'u, inni duraa faayidaa waaroo/uuffata qorraa kan mul'isudha. Akkuma beekamu yeroo jala bultii, galgala waan sirbamuuf huccuun qorraa barbaachisaadha. Kanarra darbees, erga sirbi dhumees jaalalleewwan lamaan yeroo qabdoo taa'an, ija isaan ilaalurraa dhokachuuf uffaticha ofirra buusuun wal dhungatu (jaalala waliif qoodu). Yeroo kana waaroon faayidaa guddaa qaba. Yaadni lammaffaan immoo obboleessi gaachana; osoo obboleessi jiruu ormi fedhii koon duuba ana hin tuqu. Kanaaf soda malee taphachuun danda'a; jechuun yaadashee ibsatti.

Ishobbookoo yadaalee

1.Beenu hingalla baddaatoo	Emmoo
Biyya sangaa fardaattoo	Emmoo
Biyyaa anfaaree gujjiitoo	Emmoo
Beenu nigalla horrootti	Emmoo
Biyyaa Abiishee Garbaatti	Emmoo
Shobbookoo yadaalee	Emmoo

Qabiyyeen walaloo kanaa dhiirotaan kan dura bu'amu ta'ee ergaan isaa namnii hojii gaarii hojjete ofiifi maatii isaarra darbee biyyasaallee akka maqaa ofisisu nutti agarsiisa. Yeroo kana immoo kaawwaniis fakkeenyummaa isaa fudhachuun kan biyyaafi maatiif wanta gaarii ta'e akka hojjetan sirbi kun nijajjabeessa. Akkasumas, kaayyoon sirba kanaa dhimma ayyaanaa haa ta'u malee, dargaggeessi shamarreef jaalala qabuufi fedhii wajjiin jiraachuu qabu kan itti ibsatudha. Walalichi "Beenu nigella Horrootti biyya Abiishee garbaatti" jedha. Akka walaloon kun dabarsutti intalli sirbameef aanaa biraa ykn ergaa Horrootti hinba'iin jedhu dabarsa. Dargaggoonni Kanaan qabanii shamarraniif yoo faarsan kan jagna weeddisu ofii luyana ta'a jettee waan hinyaanneef shamarraniis deebii laattif; niijaallattis.

2.Ishoolee ishoo marii	Emmoo
Atooo hin jirtukaa maalii	Emmoo
Ishooleen ishoodhaka	Emmoo
Siyaadeen du'eerakaa.	Emmoo
Jiraannaan yaaqilxuu	Emmoo
Irbaata qamalee	Emmoo
Silaallaan hin jirtu	Emmoo
Ayyaanan qabame	Emmoo

Sirbi Masqalaa kun dargaggoofi shamarran walitti naannahanii walqabachuun kan sirbamee hurruubamudha. Sirba kana kan dura bu'u dargaggoota yoota'an shamarran immoo harka dugda duuba walii waliisaanii qabachuun naanna'uun sirbicha ho'isu. Qabiyyeen isaas jaalala shamarreef qaban kan ittiin mul'isanidha. Dargaggoonni kun yeroo hedduu hiriyyaa jalqabaa arganii jaallatan ofbiraa dhabuu akka hinbarbaanne walaloon kun mul'isa.

3.Sirbimee yaadurbee	Emmoo
Durayyuun sirbita	Emmoo

Durbee borongodee	Emmoo
Obbookee jibbitaa	Emmoo
Yashaashituu garbii	Emmoo
Maraachituu qalbii	Emmoo

Yoomessa Masqalaa kana keessatti dargaggoonni shamarran ofirraa bu’anii akka sirbanii isaan bashannansiisan barbaaduu isaanii sirbaan himu. Shamarran yeroo sagalee miidhagaan sirban qalbii namaa hawwatu kan jedhu ibsa. Akkasumas shamarran obboleessi isaanii yoo bira jiraate akka barbaadanitti dargaggo biraa haasofsiisuufi sirbuu hindanda’anii yaada jedhu qaba.

4.1.5 Sirba Masqalaa Gorsa Ofkeessaa Qabu

Sirbi Masqalaa kun dargaggoonni, shamarraniifi dubartoonni illee kan itti hirmaachuu danda’aniidha. Akkasumas yaadota jiruufi jireenyaa ilmoo namaaa keessa jiran, ta’iiwwan haala naannoofi kkf adeemsa akkamiin akka darbamu qabu mara ibsa.

1.Haaleelehoo haaleeluma haleeli	
Haaleeloho aanoo gumariidha	Haaleelewo
Haleelehoo gumarii loliidha	Haaleelewo
Haleelehoo aanoo dubartiidha	Haaleelewo
Haaleelehoo dubartiin loltiiree	Haaleelewo

Yaada walaloo kana keessatti shamarran qooda itti gaafatamummaa hojjiidhiiraafi dubaraa kan ittiin himaniidha. Yaadichuma walaloo keesaa yoo ilaallee” haaleliwo” jedhu saala dhiiraaf kan ergaan darbaa jirudha. kunis dhahuuf, dalaguuf, hojii jalqabe onnatee xumuruf ta’uu nimala. Akkasumas ergaan walaloo kanaa hojii shamarran irraa eegamu isa amma ibsameen alatti yoo ta’e malee kan jedhu ibsa. Yaadni kun garuu qoodni hojii shamarranii hinjiru jechuu miti. Fkn haati manaa goota tokkoo abbaa manaa ishee yaadaan deeggaruu, yeroo inni gara hojii deemu wantoota isa barbaachisan kan akka nyaata, uffataafi kaawwan illeedhiyeessuu, maatii hogganuu dabalatee itti gaafatamummaa hundaa fudhachuu ilaalata.

2.Haaleelehoo hodhikaa hodhina	Haaleelewo
Haaleleho hodhan gundoo muru	Haaleelewo
Haaleelehoo obsikaa obsina	Haaleelewo
Haaleleho obsan gaariin bulu.	Haaleelewo
Haaleleho qootan qotuu malee	Haaleelewo
Haaleleho bo’oo baasuuf miti	Haaleelewo

Haaleeleho sirban sirbuu male Haaleelewo
Haaleelehoo moo'oo raasuu miti Haaleelewo

Qabiyyeen walaloo kanaa kallattii hedduun ergaa dabarsuu nidanda'a. Kunis jireenya keessatti waan tokko hojjetanii milkaa'uu, itti gaafatamummaa ba'uu, hojii tokko cimani hojjechuu, hojii ofiif kaayyoofi murannoo qabaachuu, obsaafikkf akka nurraa eegamu walaloon sirbaa kun nutti hima. Dabalees bu'aan waan barbaadame argachuun cimani hojjechuu akka ta'e sirbaa dhaamu.

3.Haaleelehoo arreedii yaharree Haaleelewo
Haaleelehoo ba'aa kee wajjin Haaleelewo
Haaleeliho baaredi yaadurbee Haaleelewo
Haaleeleho qarreekee wajjinhoo Haaleelewo

Yaadni walaloo kanaa itti gaafatamummaa qabnuufi sanas immoo haala gaariin akka keessa baanu nugorsa. "Walaliichi arreediya Harree ba'aake wajjino" jedha. Kun kan ibsu ba'aa baachuun dirqama Harree akka ta'eefi jiraachuuf kunuunfamuuf, warraabessa irraa eegamuuf dirqama ba'aa baattee,maatii ishee tajaajiluu qabdi. Akkasumas shamarran hawaasa keessatti miidhaganiifi fudhatama qaban yoo safuu hawaasaa eeganiifi ofkabachiisanii jiraataniidha. Shamarran kan isaan miidhagsuufi isaan kabachiisu qarree isaanii akka ta'e mul'isa.

4.Haaleeleho Nuugii tumaa mooyyee Haaleelewo
Haaleeleho daddarbaa Masqalaa Haaleelewo
Haaleeleho ijibbaata boonye Haaleelewo
Haaleeleho walargaan hammanaa Haaleelewo

Walaloo kana keessatti shamarran yeroo walmararsiifataniifi walgorsan nimul'ata. Kana keessatti shamarran hojiisanii qixaan hojjechuu akka qabaniifi jiruufi jireenya isaani keessatti immoo rakkoo isaan mudachuu danda'u obsaafi ciminaan akka keessa darbuu qaban walhubachiisu. Akkasumas shamarran waa'ee qarrummaan turuun bareedina isaanii akka dabal walitti himuun waljajjabeessu. Dhumarrattis gargar ba'uuf akka jiraniifi kuni immoo hammam akka isaanitti dhagahamu walii waliisaaniif ragaa ba'u.

4.1.6 Sirboota Walmararsiiffannaa Yeroo Masqalaa Sirbaman

Sirboonni Masqalaa yoomeessa beekamaa keesatti ayyaana ho'isuufi kabajuuf jecha akkaataa aadaan hawaasichaa beekuun gaggeeffama. Dhimmi ayyaana Masqalaa ayyaanota Oromoon kabajuufi beeku keessaa isa hangafaati. Ta'us ayyaana kana cimsuun lubbuu itti horuuf sirbi isaa

kan hindagatamneefi ergaa garagaraa kan dabarsudha. Sirba Masqalaa sirboota biroorra kan adda taasisu keessa tokko sirba walmararsiifannaafi jaalala hiriyyoota gidduu jiru bakka itti ibsataniidha. Akkasumas bakka itti walii waliisaanii gorsuuf jechoota filatanii wal hubachiisanidha.

1.Ishoololii yadurbee yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Sirbi yawashawashee Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Yamagaala dawwaasee Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Yadimtuu magaalasee Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Morma keetu daba miti Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Anatu dadhaba miti Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Laftoo ganama ammayyuu Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Anoo dabala ammayyuu Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Laftoo lafa dirreeti Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Dhalloo dhala mirreeti Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Laftoo lafa kootichaa Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Dhalloo dhala mootichaa Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo

Walaloon sirba Masqalaa kun kaayyoon isaa inni guddaa ayyaanicha ho’isuudha. Kunis shamarranis ta’e dargaggoon fedhiifi dandeetti isa dhumaa kan itti agarsiisaniifi ittiin waldorgamanidha. Ayyaanni Masqalaa ayyaana gammachuun guutamanii kan wallisanidha. Dandeettii addaa walaloo sirbaafi sagalee kilolee qaban illee iddootti waldorgomsiisanii sadarkaa itti baasaniidha. Achumaanis kaayyoo walitti qabama isaanis galmaan ga’u. Qabiyyeen inni kan biraas Loon isaanii faarsuunis nimullata. Uummanni Oromoo Looniin badhaadhaadha. Nijaallata, nikunuunsas kanaaf immoo faayidaan Loon irraa argatu kan tilmaama xiqqoo qabu miti. “Immoo yagurraalewon” Loon faarsuudha. Ayyaanni Masqalaa kun gabaabumatti kan aadaa hawaasicha keessa jiru kallattii garagaraan kan itti mul’atudha. Akkasumas akkaataa, bifa amala, dandeettiifi haala maatii sadarkaa irra jirani kan mul’atudha. Walumaagalatti qabiyyeen walaloo kanaa ayyaana Masqalaa kabajuu haata’u malee, yaadota kan akka loon faarsuu, gammachuu ibsachuu, miidhagina addeessuufi dandeettii sagaleessuuf qaban hunda kan ilaalatudha.

2.Ishoololii yadurbee Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Amma osoo harreen duute Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo

Gogaashee hinqalatanii Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Foonshee hinjaji'atanii Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Amma otoo qarreen duudde Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Sirbashee hindo'atanii Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Shooreeshee hindo'atanii Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo

Ergaa walaloo kanaa yoo ilaallu ayyaanuma osoo faarsanii wanti tokko akkaataa kamiin bu'aa akka buusuufi yoomiifieessatti akka darbuu yoomessa isaa yoo hineegne gatii kan hinqabneefi seenaa kan hinqabne ta'uu ibsu. Walalichii faayidaa Harreefi qarree walbira qabuun kan ibsuudha. Shamarran ayyaana Masqalaa faarsuun beekamu. Dabalataannis miidhaginniifi umurii dargaggummaarra jiruu kan gaaffii hinqabnedha. Kana immoo kan cimsee baasee agarsiisuu danda'u sagalee isaan sirbaaf qabaniifi ergaa ittiin dabarsaniidha. Kun haala gaariin akkuma ibsamu osoo shamarrii tokko duuddeefi sagalee dhabde faallaa Kanaan wanti irraa argamu hinjiru ergaa jedhu mul'isa.

3.Ishoololii yadurbee emmoo yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Arreedi yaharreewo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Hamma tabbaatilleehoo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Qarqarra hinarreedanoo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Bareedi yaqarreewo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Ammasittifillewo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Lamuu hinbareedanoo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo

Qabiyyeen walaloo kanaa daangaa wanta tokkoo nutti kan agarsiisu yoo ta'u; dirqama hojii Harree irraa eegamuun walbira qabani waa'ee walii walii isaanii kan ittiin ibsataniidha. Walalichi:

Bareedi yaqarreewo
 Ammasittifillewo
 Lamuu hinbareedanoo

Yoomessa ergaa kana dabarsan keessatti gammadanii akka dabarsaniifi wanta barbaadan kan gochuu kan danda'an yeroo sanatti qofa ta'uu walhubachiisu. Kanaaf yeroosaatti wanti dalagamu gaabbii hin qabaatu kan jedhu walii dabarsu. Akkasumas ilmoo namaa yoo lafarra jiraatu wanti eeyyamameefi kan hineeyyamameef qaba. Kana jechuun kan eeyyamamee qofaan jiraachuu, itti fayyadamuu danda'a. Kun immoo daangaa turtii qabaachuu danda'a kan jedhu dabarsu.

4. Ishooloolii yadurbee	Eemmoo yagurraalewo
Ya eelee xaabitaa Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Situ midhaan fixawoo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Fixxa midhaan bitteewo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Yahalagaa dhumiiwo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Situ hidhaa fideewo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Hidhaa hidhaan citteewo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo

Qabiyyeen sirbaa kun shamarran sirba Masqalaa kana sirban warreen maatii isaanii bira jiran yommuu ta'an egeree jiruufi jireenya isaanii yaadachaa yaaddoo hiriyyaa irraa adda ba'uu kan itti ibsataniidha. Kunis gaa'illi jiruufi jireenya keessatti kan nama tokkoo irraa eegamuudha. Yeroo gaa'ila ijaaran wantoonni maatii keessatti duraan raawwatan muraasni kan hafu jiraachuu nidanda'a. Kunis akka barbaannetti hiriyyaa waliin haasa'uu, mariichuu, boqonnaa yeroo qabaachuu itti gaafatamummaa irraa bilisa ta'uufi kkf ta'uu nidanda'a. Ergaan isaan sirbaan himanis gaa'ila osoo hinijaarratiin amma taphachuu akka qaban, ta'uu baannan hidhaan dirqamaa itti adeemaa akka jiru mul'isa.

5. Nugii tumaa moyyeehoo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Daddarbaa Masqalaahoo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Dubaree hiriyyeeko Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Ijibaata boonyeehoo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Walargaan ammanaa Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo

Shamarraniifi dargaggoon kabajaafi bilisummaaofii ifatti yeroo labsatanniargama. Kan waantota naannoosaanii faarfatan fakkeessuun jireenya isaanii gara fuuladuraaf gorsa waliif dabarsu. Weedduu kana shamarran gammachuu guddaan guutamanii weeddisuu mul'isa. Dabalataanis xiyyeeffannaan qabiyyee walaloo kanaa qarreen ayyaana masqalaa sababeeffachuun weedduun waljaju, walleellisu, jaalala waliif qaban faaraan ibsu. Yoomessa Masqalaa keessatti wantoota dalagaman qophii nyaataa galateeffannaan uumaafikkf tokkummaan akka raawwatu nutti hima. Walaloo sirba Masqalaa keessatti bifa walmararsiiffannaaniis ergaa dabarfatu. Akkasumas ergaa kana keessatti haala garagaraan roorroo isaanii ibsatanis haala amma irra jiran kanatti akka hafun hindanda'amne, gaa'ila ijaaruu maatiifi hiriyyaa irraa fagaatanii jiraachuun dirqama akka ta'e amanuun ergaa isaanii kan itti dabarsaniidha.

6.Harkako barruuko Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Kamiin dakeetanoo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Kamiin daksisadhaa Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Habeenhoo lammiiko Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Gitoon eessummanko Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Caaggoon guddisako Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Kaman faarseetanii Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Kaman caalsiffadhaa Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Isin lachuu bulaawo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Akka lakkuu bunaawo Yagurraalewo	Eemmoo yagurraalewo
Ishoololii yadurbee yagurraalewo	Eemmoo yagurraale

Shamarran bari'uu birraa sababeeffachun wantoota hedduu dabarsaa turaniiru. Ergaan walaloo kanaas shamarran naannoo guddatan keessatti jaalala naannoorraa argatanii guddatan yeroo jajantu mul'ata. Aakkasumas Jaalala Naannoo/gandoota keessatti seenaa dabarsan hunda tuttuquun sagalee miidhagaan faarsanii maatii mararu.

4.1.7. Sirboota Goota Faarsuun yeroo Masqalaa Sirbaman

Walaloon sirba kanaa ayyaana Masqalaa sababeeffachuun gootota faarsuurratti xiyyeeffata. Akkasumas gootota hojii gootummaa hojjetaniif beekkamtii kennuuf sirbamaniifi kanneen sirbicha dhaggeeffatan birooof immoo qaamaafi xinsammuun isaanii akka cimsataniif gootummaa biroo hojjechuuf akka of qopheessaniif jajjajjabeeffamu.

1.Yahabaabilee yahabaaboo birraahoo	
Bisingaa baloodha	Yabaaboo birraahoo
Eda keessa baane	Yabaaboo birraahoo
Waayilicha ija booruu	Yabaaboo birraahoo
Baga keenya taate	Yabaaboo birraahoo
Erga keenya taatee	Yabaaboo birraahoo
Tumaamessa nyaadhu	Yabaaboo birraahoo
Tumaamesa hoolaa	Yabaaboo birraaho

Qabiyyeen walaloo kanaa lafa gubaatti shamarran dargaggoofi manguddoo kallatti gara garaan bu'aa buusan kan ittiin jajaniidha. Kan achitti faarsanis warreen lubbuun jiranis kan hinjirres ta'uu danda'u. Kun immoo warreen kaanif kaka'umsa cimaa keennuu waan danda'uufi.

2.Qottan qottu malee	Yabaaboo birraahoo
Giraaba qottuuree	Yyabaaboo birraahoo
Goodaa morkortuuree	Yabaaboo birraahoo
Loltan loltu malee	Yabaaboo birraahoo
Akka ijoollee keenyaa	Yabaaboo birraahoo
Akka ijoollee horroo	Yabaaboo birraahoo
Sidaama loltuuree	Yabaaboo birraahoo
Goodaa morkortuuree	Yabaaboo birraahoo
Baranallee wajjiniin jirraahoo	Yabaaboo birraahoo
Beregereef rabbi nuuf jiraahoo	Yabaaboo birraahoo

Shamarran ayyaana ho'isuuf sirban kun dargagoota haala gaaraa garaan yeroo faarsan kan agarsiisu yoo ta'u kunis dhaabbii qaamasaa, miidhaginasaa, cimina hojiisaa dabalatee farsanidha. Akkasumas gammachuu waliin jiraachuu isaanii abdi booriif qabanillee sirbaan waliif ibsu

4.1.8. Sirba Masqalaa Ajjeesaa Faarsu

Hawaasni Oromoo kabaja ayyaana Masqalaa Kanaan walqabatee xiiqii, jagnummaa, onnee cimaa qaban kan ittiin ibsatan yemmuu ta'u; kana gocha raawwatan irratti hundaa'uun sirbu. Kunis dukkana limixii keesa deemuun leenca, gafarsa, arbaafi kkf ajjeesanii mirga fudhatan agarsiisuuf illee itti fayyadamu. Walumaagalatti Oromoon yoomessa argatetti fayyadamee wanta hawaasaaf ibsuu, barsiisuufi dhaadachuuf sirbaan fayyadamee dabarsa. Kana keessatti shamarranis carraa Kanaan hangafoota isaanii gootummaa hojjetan nifaarfatu.

1.Ishobbokoo yadaalee	Emmoo
Qotan qotu malee	Emmoo
Bo'oo baasuu mitii	Emmoo
Akka ijoollee horroo	Emmoo
Sirban sirbu malee	Emmoo
Mo'oo raasuu miti	Emmoo

Ergaan qabiyyee walaloo kanaa kabaja ayyaana Masqalaa keessatti sirbi murteessaa akka ta'eefi ergaa sirbaan dabarsan immoo baay'ee miidhagaafi kan qabiyyee cimaa qabu ta'uu akka ta'e himu. Akkasumas haalli sirbaa bakkaa bakkatti adda addummaa akka qabu ibsu.

2.Ishobbokoo yadaalee Emmoo
Yawallaggaa siree Emmoo
Jaloo bishaanumaa Emmoo
Yoo walargaan dhibee Emmoo
Malloo himimmaanumaaEmmoo

Ergaan walaloo kanaa jalbultiis ta'e guyyaa Masqalaa jaalala hiriyewwan lamaan qaban kan ittiin ibsataniidha. Walaloo kana keessatti jaalallii iddoo guddaa akka qabu ergaan walaloo kanaa niibsa

3.Ishoobbokoo yadaalee Emmoo
Qotanii qotanii Emmoo
Waan jabbii baasanoo Emmoo
Dubaree hirriyeeko Emmoo
Malanii malanii Emmoo
Gargar nubaasanoo Emmoo
Kan gargar nubaase Emmoo
Arfaasaan haabaasu Emmoo
Birraan haamancaasu Emmoo
Arfaasaan qilleensaa Emmoo
Bubbeen hidaar keessaa Emmoo
Ishoobbokoo yadaalee Emmoo

Ergaan qabiyyee walaloo kanaa shamarran waliin dhalataniis guddatan sababa gaa'ilaan yeroo adda ba'an wanta itti dhagahame sirba Masqalaan ibsatu. Gaa'illi jiruufi jireenya keessatti kan hinoolle waan ta'eef gaa'ilicha otoo hintaane nama gaa'ilicha keessatti hirmaannaa godhe abaaruu (komatu). Shamarran sirba kana sirbanis warreen hiriyaa isaan jalaa heerumaan ta'uu nimalu.

4.Cheebaluu cheebaluu Emmoo
Cheebaluu yaharree Emmoo
Sittu takaallate Emmoo
Siimaluu siimaluu Emmoo
Siimaluu yaqarree Emmoo
Situ wallaalate Emmoo

Qabiyyeen walaloo kanaa jiruufi jireenya dhala namaa keessatti wantoonni nama mudatan heedduun yoo jiraatanillee wantoonni ofii keenyaaf gaariidha jennee dalagnu nurratti miidhaa fiduu danda'a. Walaliichi ” cheebaluu yaharree situ takkaallate” jedha. Kanaaf tokko raawwachuun dura faayidaafi miidhaa qabaachuuti qabu adda baafachuun barbaachisaadha. Karaa biraa immoo yeroo ofii keenyaaf gaarii gochuu dadhabnu waa'ee keenyatti namni biraa yeroo seenu argina.

5.Yacallee sidiraa	Emmoo
Callee diran wayya	Emmoo
Yawallee sifura	Emmoo
Wallee fura wayya	Emmoo
Wallee barredduuko	Emmoo
Naaf kenni weedduuko	Emmoo
Walleen walii lama	Emmoo
Qoqa isheetu midhaawa	Emmoo
Ishobbokoo yadaalee	Emmoo

Walaloo sirba Masqalaa kana dargaggoofi shamarran jala bultii irraa kaasanii waa'ee hiriyummaafi kabaja hojiif qaban ibsatu. Akkasumas wanta tokko fakkeessanii bira darbuun bu'aa akka hinqabaanneefi wanti bu'aa argamsiisu immoo gadi fageenyaan yoo hojjetame ta'usaa ibsu. Dabalataanis hiriyummaan shamarran gidduu jiru cimaa waan ta'eef gargar bahuun akka ulfaatu ibsu.

4.2. Akkaataa Hurruubbaa Sirba Masqalaa

Afoolli hurruubummaa mataasaa qaba. Hurruubummaan akka afoolli lubbuu godhatuufi miidhagina akka gonfatu taasisa. Hurruubummaan gosa sochii qaamaatiin mul'ata. Kunis, cookuu, jalaa qabuu, ililchuufi haala walii gala qaama miiraa saaniin guutummaan gammachuu ibsachuufaati. Kanaafuu guyyaa kana shamarreefi dargaggoon geengoo ijaaranii walitti hurruubu. Shamarran goota beekamaafi ajjessaa nifaarsu. Hurruubbaan sirba Masqalaa haala adda ta'een gaggeeffama. Dhiironniifi shamarroonni akkaataa walfakkeenya hurruubbaafi walsimannaa hurruubbaa isaaniin walitti aanuun geengoo uumanii harka isaanii dugda walii waliisaniirra dabarsanii sagalee laagaa keessatti uumamuun akkaataa rukutta qabuun dibbee waliin bu'uun hurruubu. Sirbi kun shamarran dibbee qabatani sirban lama yookaan sadiin gidduu geengoo dhaabatani sirbaniin durfama.

Yeroo tokko tokko dhiirri tokko ulee qabachuun geengoo sirbitoota kanaa gidduu seenuun dura bu'uun yeroo sirbus niargama. Sirboota Masqalaa keessaa kan shamarrootni qofaa sirban kanneen lakkoofsaan muraasa ta'an yoo dura bu'an kanneen hafan immoo jalaa qaban nijiraatu. kana keessatti dhiironni osoo geengoo keessaa hinbahiin dabaree hurruubbaa gochaa kan sagalee kokkee keessaa ba'uun gaggeeffamu eeggachuun shamarran waliin hurruubu.

Gocha hurruubbaa keessatti altokko tokko osooma hurruubbaa jiranii dhiirotas ta'e shamarran umuriin sookiloota ta'an geengoo sirbaa Sanaa ala taasifamu. Kanneen geengoo sirbaa kana keessa hir'ifaman tooftaan kanneen muuxannoo hurruubbaa qabaniin taasifama. Kanneen sirbicha ala ta'an geengoo dhaabachuun muuxannoo erga argatanii booda carraan lammaffaa kennamuufiin geengoo sanatti deebi'u. Dargagoonni sirbaafi hurruubbaa booda shamarran jaallatan ilaalachuun sirbi yeroo dhumu jaalala waliif qoodu (qabdo taa'u). Jaalallii sun yoo itti fufe hanga gaa'ilaatti gaha.

Suura 3. Sirboota Hurruubbaa Masqalaa agarsiisan.



Hurruubummaan sirba Masqalaa keessatti mul'atu kan gareeti. Hurruubummaan garee bakka lamatti hayyoonni qoodan lachu sirba Masqalaa Horroo keessatti nicalaqqisa. Kan garee inni jalqabaa hanga xumuraatti altakkaa walfaana weeddisu (monochoral) fi 'antiphonal' jedhamu.

Hurruubummaa ‘antiphonal’ jedhamu kana keessatti qaama garagaraa lamatu hirmaata. Walleen shamarranii/dhiiraa tokko qophaa ta’uun weeddisu, kanneen jalaa qaban ammo bifa deebii tahu maluun deebisu, yookaan isuma walleen qofaa jettu/jedhu jechaa jiran jalaa qabu. Walleewwan kunneen dhiirota, dubartootas ta’uu malu. Yoo dhiirota ta’an, qabiyyeen isaa irra caalaa gara jaalalaatti harkifama. Garuu dhimmoota birraa ofkeessaa hindhabani. Fakkeenyaaf,

Keelloon daraatee
Tabba gubbaatti,
Qeerroon marraattee
Warra durbaattii

Jechaa kan weeddisan yoota’e, dhiiroonni biroofi dubartoonnis kanuma jalaa qabaa sirbu. Hurruubummaan akkasii (Finnegan, 1970, f. 259), “...there is reponse of some kind between soloist and chorus, and the song depends on the alternations between the two parties,” jechuun ifa gooti. Hayyuun kun itti fuftee yoo ibsitu, hurruubummaan kana keessatti gahee guddaa kan taphatu, kan sirbicha qajeelchu warreen weeddisaniiidha jetti

Hurruubummaan garee keessatti hirmaattonni martuu walfaana jalqabaa hangaa xumuraatti weeddisu. Kana ilaalchisee (Okpewho, 1992, f. 135), “Monochoral performance implies that the chorus sings or chants the text together all the way from the beginning to the end of performances,” jedha. Fuuluma kana irratti Okpewhon yoo ibsu, hurruubummaan gosa kanaa, “...not common in traditional oral performances for a group to sing a song through without initial or periodic prompting lines from a lead singer,” jedha. Haata’u malee, weedduun akka kanaa sirba Masqalaa irratti warra dargaggootaa biras, warra gurguddoo biras nijira.

Hurruummaa ilaalchisee qabxiiwwan armaan olitti dhiyaatan irraa ka’uudhaan, sirba Masqalaa gosa lamaan keessaa lamaanuu of keessaa qaba jechuudha. Garuu, dhimmi walxaxaan keessatti mul’atu jira.

Sirbi Masqalaa irratti dubarri tokko qophaa ishee dibbee qabatee, gidduu seentee hinweeddistu. Yoo xiqqaate dubartoota lama kan waliin shaakalaniifi sagaleen isaanii waliin deemutu walfilatee dabaree dabareetiin gidduu seenanii weeddisu. Dhiironni qobaa weeddisuu danda’u. Isaan, dibbee hinqabatani. Yeroo dhiirri tokko weeddisu, warri dubartootaa duukaa shubbisu

malee hinweeddisanii. Bakka tokkotti sagalee gara garaa dhageessisuu waan hindandeenyeefi. Kanaafuu, hurruubummaa dhuunfaa gama dhiirotaatiin raawwatama jechuun nidanda'ma.

Yeroo hedduu, kanneen gidduu seenanii weeddisan shamarran lama, sadii yookaan afuris. Akkuma walii galteefi walsimannaa isaaniiti. Isaanis kanneen sagalee isaanii baay'ee walfaana deemuu danda'u jechuudha. Garuu, yeroo garaa garaatti waliin shaakalanii kan sagaleen isaanii waliigaluu dandahu yootahe malee dogoggora baay'isnaan jamaafi kanneen shubbisuufi jalaa qabuutiin duukaa jiran irraa tuffiin isaan mudata. Sirbi isaas hinho'u. Yaada kanarraa kan hubatamu, kanneen hurruuban (weeddisan) lamaa hanga afurii tahuu dandahu; warri jalaa qaban immoo hedduminni isaanii ammana jechuun hindanda'mu.

Hirmaattonni sirba Masqalaa akkuma duraan ibsame dargaggootadha; ga'eessis hirmaachuu danda'u, keessummaayyuu guyyaa gaafa Masqalaa sana baay'ee hirmaatu. Isaanis, akkanaafaa walitti dhufeenya isaanitti toora galanii geengoo uumu. Kaan firooma dhiigaatiin, kaan ammo michooma jaalalaa, yookaan qabdootiin walitti aananii hiriiruu danda'u. Haala Kanaan, harki lamaan mudhii isaa/ishee karaa bitaafi mirgaa hiriiree/tee irra darbee harka garasiifi garanaan jiru walqaqqabatu. Akkasitti toora bifa geengoo qabu uumanii naannahaa, kanneen gidduutii weeddisanii jalaa qabaa shuubbisu; shubbisa kana keessatti koorniyaan lamaanuu si'aayinaan hirmaatu. Jalaa qabuu irratti garuu, shamarrantu sirriitti hirmaata.

Warri dhiiraa irra caalaan isaanii waan shamarran keessaa weeddissaa jiran hincaqasani. Gidduudhuma sanatti waa'ee dhimma birraafi Masqalaa sana dhiisanii walaloo jaalalaa yeedaloo miidhagaatiin weeddisu. Akkasumas, shamarran tokko tokkos yaada shamarran weeddissaa jiranii irraa adda bahanii, warra dhiiraa waliin waa'ee jaalalaa weeddisu Kanaafuu, hurruubummaa sirba Masqalaa keessatti sirbi jaalala bal'inaan keessa galuun isaa hubatama. Kaan ammo dhimma siyaasa biyyattii irratti weeddisu.

4.3. Yoomessa Raawwii Duudhaa Ayyaana Masqalaa

Ayyaanni Masqalaa aadaa saba Oromoo keessatti iddoo guddaa qaba. Masqala Oromoo kan saba biroorraa addaisa taasisu amantii kiriistaanaa kan walhinqabanne ta'uurrayyuu guyyaan isaa guyyaa ayyaana Masqalaa kan warra kiristaanaa ji'a tokko dursee Hagayya 16 irraa kaasee hanga guutuu fulbaanaatti kabajama.

Jireenya uummata Oromoo keessatti bari'uun birraa bifa addaatiin ilaalamu jedhu manguddoonni. Isaan keessaa tokko booqaa birraa jedhamee akka addaatti kan ilaalamu ayyaana Masqalaati. “Masqala Mootii ayyaanaa” kan jedhu Horrotti nibeekama. Bariin birraaf Oromoon bakka hundaayyuu jiraatu hariiroo cimaa qabaachuu isaa ayyaanoonni Irreechaa bakka gara garaatti yeroo birraa kabajaman agarsiiftuudha. Bakka qorannoon kun irratti xiyyeeffate Horrottis, Irreechi Burqaa bulluqitti kabajamu Masqala bakka kanatti kabajamuun adda bahee hinilaalamu. Garaagarummaa yeroo torban tokkoo hincaalle keessattis kabajama. Kanaafuu, yoomessi sirba Masqalaa yeroo birraa ta'uun isaa beekamee, torban lamaan tokkoof garaagaraa taasifamaa, akka jala bultiitti sirboonni galgala galgala sirbamaa hanga gaafa fulbaana 17 haala ho'aa ta'een itti fufu. Akka walii galaatti guyyaan kun kan akka biyyaatti kabajamu waliin walirra bu'uun isaa maaliif kan jedhu yoo qorannoo bal'aa barbaadellee, amantaa Ortoodoksii waliin walqabatee kan ilaalamu miti.

Tarii, akkasumaan maqaan jecha “Masqala”jedhu qabaachuun isaa Masqalii amantaa keessatti tajaajiluun akka walfakkaatu taasisa. Garuu Oromoon naannoo Horroo jiru, seenaa kabaja ayyaana Masqalaa waliin walqabatee himamu, Masqaliin badeetu guyyaa kana argame jedhamu, homaa hubannoo isaa hinqabani. Kan hawaasni naannoo kanaa beeku ifa birraatti bahuuirraa kan ka'e, waaqa haaraa, jireenya haaraa midhaan haaraa, qilleensa haaraa, habaaboo haaraatti bahuuti duuba ayyaanichaa jira.

Hawaasa Oromoo Wallaggaa, Horrootti sadarkaan jireenya dinagdee waan fedheyyuu yootahe, hunduu ayyaana Masqalaa gammachuutiin simachuu qaba. Kanaafis ayyaanota biroo kamuu caalaa gamtaatiin bakka tokkotti bahanii, mana keessa osoo hintaane, ala gaaddisa jala qilleensa birraafi foolii habaaboo dhamdhamaadha kabajama. Waan qaban dabareetiin walitti fidanii bakka tokkotti kabajuun kun yeroo ayyaanota biroo akkasitti kan mul'atu miti. Horiinis, namniis guufanii nyaachuu qabu.

Kan yeroo Masqalaa beelahe, waggaa guutuu akka beelahutti yaadama. Kanaaf, nyaanii hanga quufanitti, dhugaatiinis hanga nagahe jedhanitti soratu. Loonis Kanaan dura irraa turan irratti geessanii sirriitti akka dheedanii quufan godhu. Ayyaanni Masqalaa yeroo haaragalfiitis waan ta'eef, namoonni walitti dhufanii bakka tokkotti nyaatanii dhuguuf wanti isaan ariifachiisu hinjiru. Kunis torbanoota itti fufuu danda'a. Yeroo aramaan xumuramee, haamaafi sassaabbiin

biroon hingeenye yeroo asheetaa waan ta'eef, namni walitti dhufee gammaduuf yeroo gahaa qaba.

Kabajni ayyaana kanaa haalaa ho'aafii ayyaana mirga daa'immanis ta'e, dubartoota akkaumas shamarran walqixaan eegee gammachuun himaachisudha. Ayyaanni kuni kan ayyaaneeffatamu dhuunfaa qofaan osoo hintaane tokkummaan akkaataa walitti dhiyeenyaafi firoomaan walitti dhufanii kan kabajanidha. Bakki itti walgahuun ayyaaneeffatan kunis Masqal gubii jedhama.

Kabajni ayyaana kanaa wantoota hedduu kan gidduu galeeffatedha. Waktiin ayyaanni kun itti kabajamu waggaa haaraafidee kan dhufu waanta'eefi, uffannaa haaraa niuffatama. Kabaja ayyaanaa kanaa keessatti inni guddaan weedduu jala bultii guyyaa ayyaanaa kaasee hanga waleebbisuun daaraa yookiin gubii sanarraa gara mana isaaniitti deebi'anitti weeddifamudha. Ayyaani Masqalaa ayyaanota Oromoon kabaju keessaa isa hangafa akka ta'e hirmaattotni ayyaanichaa nidubbatu. Akkaataan ayyaanicha itti kabajanis kutaa hawaasa biyya Itoophiyaa biroorra wanta adda isa taasisu qabu. Kabaja ayyaana kanaa irratti uumamaaf kabaja qabaniif walii walii isaaniif bifa walaloon jechoota gorsa qaban waliif dabarsu. Kun immoo aadaa Oromoo keessatti gulantaa umurii namootaa keessatti bakka namootni barumsa jiruuf jireenya itti waliif dabarsu keessaa isa filatamaafi mijaawwaa waan ta'eef aadaa sabicha cimsuu keessatti shoora guddaa taphata.



Suura 4. Walitti qabama namootaa bakka Masqal Gubiitti.

4.3.1. Sirba Masqalgubiitti Sirbaman

Sirbi Masqalaa kun kan sirbamu bakka maatiin dirree Masqal gubiitti walitti qabamanii jiranitti namoota waliin guban kan dhichisuu danda'an maraan sirbamudha. Sirbi kun kan jalqabu yeroo maatiin marti guca qabsiifachuun bakka gubaa Masqalaatti qajeelan abbaan warraa dura bu'uun sirbamaa adeema. Kunis yoomessa Masqalaatti kan sirbamudha. Sirbi yoomessa Masqalaatti sirbamu kun immoo wantoota hedduu tuttuquufi yaadannoo hinirraanfataanne hedduu kaahee kan darbudha. Kunis, barii birraan qabani goota jajuu, jaalala ibsachuu, filannoo gaa'ila illee alkallattiin walitti himuufi kkfa'i. Akkasumas yoomessa sana keessatti qaani tokko malee ofirraa bu'uun shammarranis ta'e dhiironii yaadasaanii ibsatu. Kun immoo hawaasicha keessatti ofitti amantaa godhatanii akka jiraatan isaan taasisa. Kun immoo deemsa gaa'ila isaanifillee ifummaan akka gaggeeffatan isaan taasisa.

1. Iyyooshe janaanee jorooree
- Gufuu bubukkee Hiyyooshe
- Masqala daarii Hiyyooshe
- Dhufuu sussukee Hiyyooshe
- Galgala waarii Hiyyooshe

Walaloon sirba Masqalaa kun kan weellifamu barii'uu birraan walqabatee waantota hedduutu raawwata. Waqtiin Birraan.yeroo quufaati; yeroo midhaan hedduun gahuufi abdi guddaa namatti horudha. kanaaf qeerroofi qarreen baay'een gaa'ila dhaabbataniifi yeroo itti walilaallatanidha. Bakki kunis yoomessa ayyaana Masqalaattidha. kanaaf yeroo weeddisan qarreen qeerroo jajuudhaan weeddisu; warra gaa'ila dhaabanis weedduun eebbisu. Qarreewwan kunis halagaa akka halagaatti aantee immoo akka aanteetti jajuun weellisu. Kunis cimina inni qabu yeroo ibsan Farada isaalle biraa hinhambisan.

2. Qalqalloo shoqqee Hiyyooshe
- Somboo joobiraa Hiyyooshe
- Masqalloo sokkee Hiyyooshe
- Yoom wal arginaa Hiyyooshe

Qabiyyee sirba Masqalaa kana keessatti ayyaana Masqalaa warreen kabajan jaalala isaan waliif qaban kan ittiin mulisaniidha. Yaadni walaloo kanaa sodaa Masqalaa booda gargar baana jedhanii waan yaadaniif ibsatu. Carraan Masqalaa booda walargan dhiphaa ta'uu sirbaan ibsu.

3. Anaanuma anaani	Hiyyooshe
Kaleesa guyyaa	Hiyyooshe
An funyoon gatee	Hiyyooshe
Bareeda durbaa	Hiyyooshe
Ya xiyyoo ijashee	Hiyyooshe
Masqala waggaa	Hiyyooshe
Ayyaantutu argaa	Hiyyooshe

Walaloon Masqalaa kun kan dhiirotaan dura bu'amu yommuu ta'u miidhagina shamarranii kan jajudha. Dargaggoonni shamarran jaalallee godhachuuf yookiin kaadhimaa godhachuuf kan ittiin weddisaniidha. Kunis miidhaginni shamarranii eessa isheetu ilaalamaa yookiin nama hawwataa kan jedhu kallattii sirbaan agarsiisu. Kunis yoomesa Masqalaa keessa ta'uudhaani.

4. Fardeen cohittii	Hiyyooshe
Addeen fooriccee	Hiyyooshe
Maaf didda durbee	Hiyyooshe
Dammee soogiddee	Hiyyooshe
Koottu akka taanu	Hiyyooshe
Gargar hin baanu	Hiyyooshe

Sirbi Masqalaa kun dargaggoota dhiiraan kan dura bu'amu yammuu ta'u; dargaggoonni kunis, ayyaana Masqalaa ho'isuun cinaatti ergaa dhimma barbaadaniin itti ibsatu. Kunis jaalala shamarraniif qaban kan himanidha. Akkuma walalichi jedhu “damme, soogiddee koottu akka taanu gargar hinbaanu” kunis kan agarsiisu fooniin jiraachuuf nyaanni akkuma barbaachichisu; atis ana barbaachifta kan jedhu hima. Akkaumas, gaa'ilaan illee ijaaramnee bara jireenya keenya waliin jiraanna kan jedhu sirbaan keessoo isaa dabarfata.

5. Borfi gammoojjii	Hiyyooshe
Hinaadu yuusa	Hiyyooshe
Yommuun siyaadu	Hiyyooshe
Himimmaan buusa	Hiyyooshe
Damaraa mureen	Hiyyooshe
Siboraasisa	Hiyyooshe
Dubbii dheengaddaa	Hiyyooshe
Abbaa keetti himeen	Hiyyooshe
Sigorraasisa	Hiyyooshe

Walaloon kun kan sirbamu yeroo baayyee lafa gubaatti dargaggoonni ayyaana ho'isuuf kan sirbaniidha. Qabiyyeen sirbichaas jaalala shamarreef qaban wajjiin taphachuun, ooluun, hagam akka isaan gammachiisu ayyaana Masqalaa sababeeffachuun shamarranif ibsanidha. Akkasumas bareedina dhaabbii qaamashee jajuudhaan waliin yoo oolaniifi yoo turan kan isaan gammachiisufi yoo isaan dhaban immoo akka itti hintolle sirbaan ergaa dabarfatu. Walumaagalatti dargaggoonni fedhiifi jaalala shamarranii qaban ibsachuuf yoomessi Masqalaa barbaachisaa ta'uu isaa mul'isa.

Suura 5. Dargaggoonniifi Manguddoonni Masqal Gubiitti Waliin Sirban.



4.4. Duudhaa Ayyaana Masqalaa kallattii amantiitiin akkaataatti hubatamu

Ayyaanni aadaafi duudhaa hawaasa tokkoo kan ibsu tahee kan hawwaasichumaan hawaasa keessatti yeroo garaa garaatti bifa adda addaa ta'een kabajamuun bara tokko irraa gara bara biraatti darbaa adeemuufi dhaloota tokko irraa gara dhaloota birootti daddarbaa deemudha. Duudhaan amala hawwaasni waliin qooddatu irratti xiyyeeffata. Amallii kunis hawwaasa keessatti kan beekameefi karaa jireenyaa akka feeteen mul'ata. Kunis dhalli namaa hanga jirutti kan jiraatu ilaallata. Hawwaasni waliin jiraachuuf jecha kan waliin hordofudha. Duudhaan hawwaasaa dhimmoota adda addaa wajjiin hidhata qaba. Hawwaasa gidduu bara dheeraa kan tureefi sabni irratti walii galee fudhateedha. (Misgaanuu, 2001:19) yaada armaan oliirraa wanti

hubatamu duudhaan waan hawwaasni tokko barsiifataan qabu, yaadaan waliif qooduufi barsiifata hawwaasaa ta'usaati. Kunis hawwaasni tokko haala ittiin waliin jiraatuufi hariiroo gidduusaa jiru haala itti sirna ayyaana adda addaa ayyaaneffatu kan ilaallatudha. Gosoonni duudhaa hawwaasa kanaa, kanneen akka kabaja ayyaanotaa, sirna aadaa , haala waaqeffannaa, haala nyaataafi dhugaatiifikkf ofkeessatti hammatudha.

Galmees jechoota Afaan Oromoo (1999,f.290) dhuftee kabaja ayyaana Masqala Oromoodhaa kan kabajamaa ture ji'a Hagayyaa keessa akka ta'e kitaabasaanii keessatti hamma murtaa'e ibsanii jiru. Masqala jechuun tokkoffaan ayyaana Oromoo ji'a Hagayyaa keessa kabajamu yoo ta'u inni lammaffaan immoo ayyaana habashaan Fulbaana bultii 17 kabajudha. Galmeen jechoota afaan Oromoo (1999,f.290) kana irraa akkuma hubatamuuf yaalametti aadaan saba tokkoo bakkaa bakkattiifi yeroo adda addaa keessatti adda akka tahe akkasumas immoo ayyaanni hawaasa Sanaa aadaa hawaasa Sanaan walqabatee kabajamus bifa adda addaa ta'een akka ta'e kabajni ayyaana Masqalaa kunis saba Oromoofi saba biro biratti yeroo adda addaa keessatti bifa adda adda ta'een kan kabajamu ta'usaatu yaada kanarraa hubachuun danda'amee jira. Akkasumas immoo ayyaanni Masqalaa kun hawaasa Oromoo biratti ayyaana dhuma ji'a hagayya irraa kaasee ayyaaneffatamuu kan jalqabu ta'uusaa haalaan kan hubatamee jirudha.

4.4.1. Duudhaa Ayyaana Masqalaa Akka Godina Horroo Guduruu Wallagaatti

Ayyaanni Masqalaa ayyaanota uummata Godina kanaa biratti beekamaafi sirnaan kabajamu keessaa isa guddaadha. Ayyaanni kun kan kabajamu dhuma waqtii gannaa dhuma ji'a Hagayyaa irraa eegaluun kan kabajamuu eegaluufi bacaqii Gannaa hobbaafatanii gara booqaa birraatti cehuuf jiraachuu kan ibsudha. Ayyaana kana yeroo kabajatan uumaasaanii nigalateeffatu; nifaarfatus. Akka Obbo Qana'aa Jaaluufi Obbo Oliiqaa Baayisaa jedhanitti Masqala yeroo kabajan waantota taasifaman keessa Waaqa bacaqii gannaa isaan baasee booqaa birraan isaan gahe akka galateeffatan himu.

Kana malees daraaraa midhaan isaanii ilaalaa gammachuufi hawwii quufa bara itti aanuuf qaban nibsatu. Kanamalees yeroo Masqalli kabajamu kun yeroo kamuu caalaa yeroo boqonnaa isaanii waan ta'eef walitti dhufanii jireenya hawaasummaa isaanii cimsuuf yeroo mijataa ta'uu dubbatu. Akka waliigalaatti ayyaana kana kan kabaju uummata oromoofi ammantoota ortodoksii ta'anidha. Qaamoleen hawaasaa kunis kaayyoo garaagaraaf kabaju. Amantootni amantaa ortodoksii argamuu fannoo gooftaa Iyesuus Kiristoos sababeeffachuun kan kabajan yemmuu ta'u

uummatni oromoo godina kanaa garuu aadaan walqabsiisuun yeroo mara dhuma hagayaarraa kaasee hanga guutuu ji'a fulbaanaatti kan kabajamudha. Akka Obbo Assabaa Jaaluu Jiraataa aanaa Jimmaa Gannatii jedhanitti ayyaanni Masqalaa amantaa kamuu waliin akka wal hinqabanne dubbatu. keessumattuu amantaa ortodoksii waliin wanti walqabatu akka hinjirre himu.



Suura.6.Qorattuufi

Hirmaattota ayyaana masqalaa bakka Masqal Gubiitti.



Suuraa.7. Manguddoonni Ayyaana masqalaarratti Yeroo waaqa kadhatan

4.4.2 Duudhaalee Ayyaana Masqalaa Wajjiin Walqabatee Wantoota Raawwataman

4.4.2.1 Duudhaa Ayyaana Damaraa

Ayyaanni Masqalaa yeroo kabajamu raawwiifi sirni kabaja damaraa isa guddaadha. Abootii yoo dubbatan “Ayyaani Masqalaa ayyaana namaa, horiifi midhaaniti” jedhu. kanaaf damaraan hundaaf barbaachisa jedhu. Ayyaanii damaraa Masqalli gubamuuf guyyaan tokko yoo hafuu yookaan immoo guyyaa Fulbaana 16 kabajama. Kunis warri dhiiraa laga deemuun, muka damaraaf ta’u muru. Gosti mukaa damaraaf ta’us: Laaftoo, Makkanisa, Nafroofi Abbayyii fa’i. Kana booda, Abbootiin warraa lafa maasii dhaquudhaan Damaraa murame gidduu miidhaanii dhaabuun, Uumaa waaqa isaanii kan har’an nugeesse galatoomi jechaa waa’ee maasii isaanii: Miidhaan keenya nagaan nuugalchi, Toshituu nurraa qabi, Iji hamaan akka hinilaalle godhi jechuun kadhatu.

Yeroo dallaatti damaran immoo: Yaa Waaq ati Loon keenya nuu eegi, loon nuuf haa hortu, kormi haagaansu, goromsi haadhaltu, iji hamaa hinilaalin, jabbiin sa’aa jalatti haaguddattu jechuun uumaasaaniikadhatu. Manatti yoo damaran immoo: Nyaanni aadaafi Bookni qophaayee dhibaaffachaa dura Waaqaan erga galateeffatanii booda, bara dhuftuun nugahi, Maatiin nagaan haata’u, kan barate haabaru, kan bare haaqajeelchu, walitti nuhaa jaallatu Daa’imman keenya haaguddisu jechuun Damaraarra nyaataafi dhugaatii dhibaafachuun kadhatanii booda soorata

qophaaye soratu. Qabbanni damaraa dhaamee hinbulu, ganama achumaa qabsiifamee bakka gubaa dhaqama waan ta'eef.

4.4.2.2. Waaqa kadhachuufi Galateeffachuu

Ummaannii Oromoo duudhaalee hedduu qaba. Isaan keessaa, yammuu ganni baay'ee ulfaataa ta'e bacaqii/dhoqqee, rooba/jandoo, lolaa qaqqaweessaafi hurriin guutame, akkasumas lagni guutuun kan firri ce'ee waliyyaafachuun rakkisaa ta'e darbee booqaa birraatti ba'uun kan Oromoon waaqasaa ittiin galateeffatudha. Yeroo birraan bari'uu dukkanni darbee biiftuun ifashee sirriitti laatti Ililiin/habaaboon daraaree, siddisni lafa guutuun kan ofitti nama hawwatudha. Kan lagni hir'atee namoonni walitti deemanii waldubbisaniifi yeroo gaarii waliin dabarsaniidha. Kana malees baratoonni gara mana barumsaatti deebi'aniidha. Miidhaanis asheetee yammuu ofitti nama hawwatuufi kan Oromoon nagaa, jaalalaafi tokkummaa gara fulduraaf itti kadhatudha.

Akka Obbo Kumsaa Jaaluu jiraataa aanaa horroo jedhaniitti “Ayyaanni Masqalaa Uummanni rakkinoota hedduu dabarsee yaadachuun garaa guutuu waaqaan itti galateeffatudha” jedhu. Obbo Tolasaa Danuusaanis “Ganni nama ajjeesuuf dhufa, kan kana darbee birraa arge immoo isa cimaafi kan Waaqni isa gargaaredha, kanaaf ayyaana Masqalaa walitti yaanee, guca qabsiifnee, shubbifnee, qalma qopheessinee ayyaana kaminuu olitti kan kabajnu” jedhu.

Akka Obbo Alamaayyoo Abbabaa jiraataa aanaa horroo jedhanitti Masqalli ayyaana jaallatamaa ta'uu yeroo ibsan “Ganna bacaqii dhoqqee namoonni keessaa ba'uun ifa booqaa birraa itti argan waan ta'eef” jedhu.

Masqalli hangafaafi mootii ayyaanotaati. Sababni isaas, ganni bishaan akka guutu waan godhuuf namootni gamaaf gamanatti hafuun, akkatti walqunnaman dhabu. Masqalli immoo caama fidee waan dhufuuf namoonnis walqunnamuu waan danda'aniif mootii ayyaanaati jedhu. Akka (Obbo Dabalaa Dheekkamaa jiraata Aanaa horroo) dubbatanitti “Ganni nama miidhuuf dhufaa jedhu” sababnii isaas rooba, dhoqqee, hojiin misoomaa garagaraa yeroosan baayyata waan ta'eef kan kana cimee darbe immoo ayyaanefatee waaqaan galateeffachuu qabaa jedhu. Walumaa galatti ayyaanni Masqala Oromoo akkaataa aadaafi duudhaa oromoo calaqisiisuu danda'utti ji'a inni ayyaanefamuun beekamaa ture ji'a hagayya akka ture (Dafaa 1974:96), Galmee jechoota Afaan Oromoo (1999:290)tti ibsameera.

4.4.2.3. Duudhaa Ayyaana Masqalaaf Wantoota Qophaahan

Ayyaani Masqalaa akka aadaa Oromootti kan waggaa waggaan naannahee dhufu, kan Uummanii wantoota gara garaa qopheesse naannoon walitti yaa'ee kabajudha. Guyyaa Masqalaas guca isaanii qabsiifachuun akka hangafaafi quxisuutti deemanii gubu. Yammuu kana namaaaf looniifi looniif nagaa buusi jechuun dhibaayyuu nidhibaafatu. Dhibaayyuu kunis mana iddoo damaratan irraa ka'uun lafa garagaraa ta'uu danda'a.

Ayyaani Masqalaa ayyaanota jiran keessaa isa hangafaa waan ta'eef, hawwaansis ayyaana kana kabajuuf akka aadaatti wantoota qabuuniifi naannoosaatti argamaniin kabaja. Yemmuu kabajamu wantoonni qophaa'uu qaban heedduun yoo jiraatanillee muraasni:

4.4.2.3.1. Nyaata Aadaa

Nyaata aadaa jechuun saba tokko keessatti baayinaan wanta argamurraa dalagamuun qophaayee beekamtii argatee jiru jechuudha. Nyaanni aadaa Godinaalee Oromiyaa hunda keessatit kan jiru yoota'eyyuu haala naannootti argamu irratti hundaa'ee garaagara ta'uu danda'a. Kunis immoo irra jireessaan kan qophaa'u yeroo ayyaanni waggaa kabajamuudha.

Nyaatni aadaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa keessatti ayyaana Masqalaaf qopheeffamus waanuma naannoo sanatti argamurratti hundaa'a. Isaanis: Daabboo, Cumboo, Farsoo Buqqurii, Horii qalmaa, Daadhiifi kkf qopheessuun kabaju. Nyaatni aadaa ayyaana Masqalaaf qophaa'u yeroo baay'ee kan birraan laateenidha.

Suura 8. Nyaata Aadaafi Dhugaatii.



4.4.2.3.2. Uffata Aadaa

Uffanni aadaa hawaasa tokkoo aadaa hawwaasa biroo irraa adda baasuu danda'a. Innis wantoota uffannaa sanaan wal qabatanii dhufan qabaata. Huccuuleen gosa hedduu jiraatanillee hawwaasni aadaasaa waan jaallatuuf kan aadaadhaan dur qabu sana hindagatu. Uffannaan kunis yeroo gaa'ilaafi ayyaanota garaagaraatti gargar ta'uu danda'a. Uummanni Oromoos yeroo ayyaana Masqalaa kabaju uffata aadaa kan Godina isaatin qabu uffatee faayamee kabaja.

Akka Godina Horroo Guduruu Wallaggaattis uffanni kabaja ayyaana Masqalaaf qophaawu manguddoonni qomee, jaanoo yookiin uffata jirbiirraa hojjetame uffachuun kan miidhagan yoota'u dargaggoonniifi shamarranimmoo yooqabaatan uffata aadaa Kanaan ala uffata kamiyyuu kan isaantti tolu uffatanii kabaju.

Suura 9. Uffata Aadaa



4.4.2.3. 3. Meeshaalee Aadaa

Godina Horroo Guduruutti Wallaggaatti meeshaaleen aadaa guyyaa ayyaana Masqalaaf qophaahan baayyeen isaanii naannooti hawwaasichaan dalagamanitti heddumatu. Isaanis: Waancaa, Barcuma miila radi, Gaanii supheerraa tolfame kan Buqquriin itti nammu, Okkotee iddo gubbaatti geffamu, Maasaroo dhadhaan itti baqu, Gabatee mukaa Cumboofi nyaanni garaa garaa itti dhiyaatu, Eelee Cumboofi Beeddee kan Cumboon itti tolfamu, Gombisaa Cumboo, Eelee haadhoo, Hofcii dhagaa Qocqocaan ittiin daakamufi kkfa'i. Kunneenis kan

qophaa'ani mukeen garaa garaa naannoorraa soofuun kan qophaa'an, dhagaa, Waancaa gaafa Looniirraa dalagamuu, dhoqqee suphee, Dibbee gogaa Looniifi mukarraa dalagamudha. Kun immoo baayyinaan uumamaan kan argamudha.



Suuraa.10. Meeshaa Aadaa Ayyaana Masqalaa

4.4.2.4. Duudhaa Kabaja Ayyaana Masqalaa Walilaalachuu/Walkaadhimachuu

Gaa'illi aadaa Oromoo keessatti iddoo guddaa kan qabuufi duudhaa hawaasichaa kan ibsuudha. Yoomessa raawwii Masqalaa keessatti immoo carraan walarguu bal'aadha. Yeroon kun qorraafi bokkaan sammun hadoode boqonnaatti ba'u, hojiin qonnaa yeroo gara dhumaa deemu, dadhabii hojiisaanii yerootti nyaataniifi kaan immoo lafarratti arganii gammadan yoo ta'u, yeroo kanatti dargaggoowwan jaalala isaanii ibsachuuf haala mijataa ta'a. Yammuu gannaa hirriyyeewwan lameen jechuun dhirriifi dubarri walitti deemanii jaalala waliin dhandhamachuuniifi gaa'elaaf wal kaadhimmachuun waan hinmijanneef, ganni darbee yemmuu birraan bari'u habaaboofi siddisni daraaree lafa uffisuun, irra taa'uuffis ta'e keessa deemanii ijaan ilaaluuf namatti tolu keessatti jalalleewwan hawwii qaban hunda iddootti bilisaan ibsatan ta'aaf. Kunis jaalala dhandhamachuu qofa osoo hintaane yerootti wal kaadhimmachuu, suuqqata walii kennuufi akka aadaatti wal fuudhuu danda'aniidha. Kanaafi waktiin birraa hunda caalaa filatamaadha.

4.4.2.5. Jaarsummaa Yookiin Namoota Walitti Bu'an Araarsuu

Ayyaani Masqalaa yeroo birraa tokkummaan kabajamuuf namoonni hundi nagaan walii qabaachuu qabu. Yoomessa kana keessatti haala adda addaan akka walii dhiisan gochuuf qoodni

abbootii birraan osoo hinbari'iin, dursa walaraarsu. Yoo ta'uu baate namoonni garaadhaan osoo hinaraaramiin bakka gubiitti himaatanii jaalala ibsachuu hindanda'ani. Aadaa Oromoo keessatti akka cubbuutti waan ilaalamuuf cubbuu keenyaaf waqayyoo nutti haaaraaramu akka isaan jaalalaan waliin jiraataniif niaraarsu.

4.4.2.6. Guugsii fardaa

Namni jireenya bara dheeraa biyya lafaa kanarra erga jiraachuu jalqabee kaasee uumama biraa madaqsuun waliin jiraachaa ture. Kan inni madaqse keessaa inni tokko Farda. Akka Aadaafi duudhaa Uummata Horroo Guduruu Wallaggaatti yammuu aayyaanni Masqalaa kabajamu, dorgommiin gugsii Fardaa beekamaafi iddoo guddaa kan qabuudha. Bara durii jalqabee seenaan akka kaa'uufi ifa godhutti gootummaa lolaan kan beekamudha. Kana kan isa gargaare keessaa tokko gugsii Fardaa akka aadaatti qabaachuu isaati. Fakkeenyaaf gootni Abiishee Garbaas kan inni diinotasaa hedduu lolee mo'achaafi fixaa kan ture, Fardaan fiigee, utaalee loluudhaani. Fardi kunis kabaja guddaa kan qabuufi waan gaarii nyaachaa lolaaf qofa qophaatti kan kunuunfamudha.

Godina Horroo Guduruu Wallaggaa keessatti sababa kabaja ayyaana Masqalaan walqabatee gammachuufi gootummaa qaban Fardaan illee ibsatu. Godina kana keessatti Masqala bulee yookiin guyyaa ekeraa Fardii kunuunfamaa tureefi faayyame gugsiiif dhiyaata. Kunis dorgommii caalmaa dargaggoofi Farda Sanaa kan qoru yoo ta'u inni lammaffaa immoo gammachuu ayyaanichaaf qaban kan ittiin ibsataniidha. Kanaaf duudhaa ayyaana Masqalaa keessatti wantoonni hawaasa keessatti jiruufi jireenyaan calaqqisiifaman hundaa kan mul'isudha.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

5.1. Cuunfaa

Ummanni oromoo safuu aadaa, duudhaa, seenaafi amantaa mataasaa qaba. Duudhaan hawaasaa immoo gosa fokloorii jalatti kan ramadamu yemmuu ta'u; kabajni ayyaanaa, waaqeffanna, amantii feestivaalota, qoricha aadaa, dhaqna qabaafi kkf kanneen jedhaaman ofkeesatti hammata. Ummanni oromoo yeroo birraan bari'u ayyaana Masqalaafi Irreecha kabajuun waaqa isa uumeef kabaja galcha. Kabajaaleen kunis akkaataa yookaan sirnaafi kaayyoo mataasaanii qabu. Ayyaanni Masqalaas ayyaanota gurguddoo uummatni oromoo kabaju keessaa isa hangafaati.

Haaluma Kanaan qorannoon kun walaloo sirba Masqalaafi yoomessa raawwiisaa irratti kan xiyyeeffatedha. Ayyaanni kun Godina Horroo Guduruu Wallaggaa keessatti kan kabajamudha. Walaloon sirba Masqalaa kunis kabaja ayyaana Masqalaa keessatti kan dhiyaatu yemmuu ta'u waantota hedduu ofkeessaa qabaata. Isaanis Qabiyyeen walaloo sirba Masqalaa maalirratti akka xiyyeeffatu xiinxaluu, Walaloon sirba Masqalaa akkamitti akka hurruubamu ibsuu, yoomessa raawwii duudhaa ayyaana Masqalaa maal akka ta'e ibsuufi Duudhaan ayyaana Masqalaa kallattii amantiitiin akkamitti akka hubatamu agarsiisuu fa'i.

Qorannoon kun adeemsifamuuf malli ittiin deemame mala miti carraa kanneen ta'an iddattoo akkayyoo darbaa dabarsaatti fayyadamuuni. Odeeffannoo kennitootni immoo afgaaffiifi daawwannaa xiyyeeffatame gargaaramuun odeeffannoon qorannoo kanaa sassaabameera. Odeeffannoon meeshaa suursagaleetiin odeeffannoo kennitoota irraa sassaabame kun mala odeeffannoo hiikuu akkamtaatti xiinxalameera. Xiinxala ragaalee kana irraa bu'aan qorannichaafi argannoon argamee kaahameera. Kunis argannoo akka hubannuuf warreen fala barbaadan immoo yaboo jalatti kaahamaniiru.

5.2. Argannoo

Qorannoon tokko gaggeeffamee raawwatamee booda, bu'aa qabeessummaa qorannoo Sanaa kan mirkaneessu argannoo qorannoon booda mul'atudha. Qorannoo mata dureen Qaaccessa Walaloo Sirba Masqalaafi Yoomessa Raawwii isaa Haala Godina Horroo Guduruu Wallaggaa jedhu irratti gaggeeffameen bu'aa argannoo qorannoo kanaa akka armaan gaditti lafa kaahameera.

- Qabiyyeen walaloo sirba Masqalaa akka Godin Horroo Guduruu Wallaggaatti bari'uu birraa sababeeffachuun qeerroofi qarreen akkasumas, haadhooliifi abbooliin illee kan irratti hirmaatan yoota'u; keessumattuu qeerroofi qarreen kallatti gara garaan keessoo isaanii kan ittiin ibsani weedduu sirba Masqalaa Kanaan ta'uun hubatameera. Walaloon Masqalaa inni guddaan booqaa birraa sababeeffachuun, gammachuu qaban ibsachuufi foolii miidhagaa habaaboon birraa fidu irratti hundaa'uun kan sirbamu ta'uun hubatameera. Akkasumas kaayyoon guddaan dhimma gubaa ta'uus qeerroofi qarreen birraan qabanii jaalala waliif qaban irratti bal'inaan kan weeddiffamu ta'u daawwatameera.
- Walaloon sirba Masqalaa jala bultiirraa kaasee hanga ayyaanni kun darbee torban lamaatti qeerroofi qarreen qabiyyee gara garaatiin akka dhiyaachaa tureefi walaloon sirba Masqalaa yeroo ammaa irraanfatamaa dhufuun sadarkaa baduuf saaxilamaa jiraachuu irra gahameera.
- Weedduun akkuma sirboota gosa kaanii hurruubbaa mataasaa kan qabu yammuu ta'u; hurruubbaan kunis walitti dhufanii geengoo uumuun sochii qaamaa, sagalee iyyaa dhageessisuu, ililchuuniifi walii gala qaama miiraa isaaniinkan ibsamu ta'uu hubatameera. Kunis gareen kan mul'atu ta'uufi kunis qeerroofi qarreen hurruubama. Walaloon sirba Masqalaa lafa masqal gubii (gubaatti) jala bultii hagayya 16 irraa kaasee galgala galgala qarreefi qeerroon kan sibamu yommuu ta'u; kunis guyyaa ayyaanichaa fulbaana 17 booddee illee hanga guyyaa murtaa'eef kan gammachuu birraan bari'eef ittiin ibsatan ta'uu hubatameera.
- Walaloon sirba Masqalaa yoomiifi eessatti akka sirbamuufi qooda fudhattootni sirba kanaa abbootii, hawwan, dargaggoofi shamarran ta'uu hubatameera. Bariii Masqalaa miseensonni maatii marti guca gabsiifachuun akkaataa hangafaafi quxusuutti abbaan warraa dura bu'uun sirbaa gara bakka Masqal gubiitti akkadeeman hubatameera

- Kabajni ayyaana Masqalaa duudhaa Uummata Oromoo hundaa ta'uus; akka Godina Horroo Guduruu Wallaggaattis Uummannii naannoo kanaa barii'uu birraa sababeeffachuun Umaasaa kallattiin itti galateeffatuu ta'uun isaa beekameera. Kabajni ayyaana Masqalaa amantii Ortoodoksii waliin guyyaan isaa tokko ta'e malee walitti dhufeenya akka hinqabne hubatameera. Kabaja ayyaana Masqalaa keessatti galateeffannaan waaqa tokkichaa kan jiru kunis waaqa birraa baranaan isaan gahe galateeffachaa; bara dhufuuf illee hawwii qaban kan ittiin ibsatan ta'uu beekameera. Kunis akka hawaasa kanaatti, akka amantaattis wantoonni raawwataman, iddoo guddaa ayyaanichaaf qaban mul'isa. Akkasumas kabaja duudhaa ayyaana Masqalaa wantoota barbaachisan mara, fakkeenyaaf; nyaata aadaa, uffata aadaa, meeshaaleen kabaja ayyaana kanaaf barbaachisan hunda kan hammatu ta'uu isaa qorattuun bira geesseetti.

5.3. Yaboo

Uummanni Oromoo wantoota afoolaan yookaan himamsa afaaniin daddarban hedduu qaba. Haata'u malee wanti afaaniin dhalootaa dhalootatti darbu kun sababa adda addaatti jijjiiramuu, irraanfatamuufi baduuf carraan isaa guddaadha. Haata'u malee kabaja ayyaana Masqalaa waliin wal qabatee sirboonni Masqalaa kun akka duraatti bal'inaan adeemsifamuufi bifa seera qabaaten akka hinsirbamneef gufuun mudateera. Qorannoo kana keessatti walaloon sirba Masqalaa adeemsa akkamii akka qabuufi haala akkamiirra akka jiru hubachuun danda'ameera. Kanaaf argannoowwan qorannichaa bira gahamaniifi rakkoolee dhimmoota walaloo sirba Masqalaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa walqabatani mul'atan irratti hundaa'uun yaada furmaataa ta'a jettee kan qorattuun yaadde akka armaan gadiitti kaa'amee jira.

- ✓ Walaloon sirba Masqalaa kun yoo hafaa deeme eenyummaafi falaasama uummata Oromoo kanneen agarsiisaniifi afoolli kabajicha keessatti argaman faana nibadu. Meeshaaleen aadaa ayyaana kanaaf fayyadamanis waliin dagatamu. Kanaaf sirbi ayyaana Masqalaa akka aadaa hawaasaatti ilaalamuu qaba.
- ✓ Walaloon sirba Masqalaa kun cubbuu jedhamanii balaaleffatamuurra ergaa inni hawaasaaf dabarsu irratti xiyyaaffachuun Godinichi akka itti fayyadamuuf dhimmamtootni kan akka Aadaaf Tuurizimii deeggarsa barbaachisaa ta'e uummatichaaf osoo ta'eefii gaarii ta'a
- ✓ Walaloon sirba Masqalaa afoolaan daddarbaa dhufe kana galmeessanii olkaahuun, Qaamni garaagaraa akka itti fayyadamu gochuu. Fakkeenyaaf artistoota, sirbitoota, qorattootaafi kanneen duudhaa ayyaana kanaa baruu barbaadan hundaaf akka ta'utti mijeessanii olkaa'uu.
- ✓ walaloo sirba Masqalaa kana tursuuf miidiyaan qooda guddaa qaba. Kana jechuun sirbi waa'ee ayyaana Masqalaaf sirbaman yoo baay'inaan affeeraman kaawwanis ifaajanii akka sirban kaka'umsa uumuu danda'a.

WABIILEE

- Abarraa Nafaa. (1993). *Afoola Oromoo: Sirba, Warroomii...Geerarsa, Jildii-I*. Finfinnee: Gumii Qormaata Afaan Oromootti, Biiroo Aadaafi Beeksisaa Oromiyaatiin.
- _____. (1999). *Afoola Oromoo Tuulamaa, Jildii-2*. Finfinnee: Gumii Qormaata Afaan Oromootti, Biiroo Aadaafi Beeksisaa Oromiyaatiin.
- Abraham Alemu.(2000). “*Jimma Oromo Oral Narratives: A Preliminary Descriptive Analysis*”. MA Thesis, School of Graduate Studies: Addis Ababa University.
- Ajibade.(2005). “*Is There No Man with Penis on This Land? Eroticism and Performance in Yourba Naptial Songs*.” in African Study Monographs, 26 (2) pp.99-113
- Anderzejewski. (1985). *Literature in Cushitic Languages Other than Somali. in Literature in African Languages*. Cambrige: Cambrdige University Press.
- Asafaa Tafarraa Dibabaa.(2006). *Anaan 'yaa*. Finfinnee: Birannaa Interprise.
- _____.(2004). *Theorising the Present: Towards a Sociology of Oromo Literature. Jaarsoo Waaqoo's Poetry*. Finfinnee: Branna Interprise.
- Asefa Tolera. (1983). “*Marriage Practice among the Horro Guduru Oromo.*” BA Thesis. Addis Ababa University.
- Aren.(1978) *Evangelical Pioners in Ethiopia: Origins of Evangelical Church Mekane Yesus*. Uppusala: American Bible Society.
- Addunyaa Barkeessaa. (2011).*Akkamtaa.Yaadrimee Qorannoo Hujoo*.Finfinnee: Oromiyaa.
- Alamaayyoo Faqqadaa. (2008). *Weedduu Sirba Cidhaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa jaardagaa Jaartee*.
- Austin.(1994). *Understandig Oral Litrature*: Nirobi University Press. Indian University Press.
- Bascom William. (1954). *The Journal of American Folklore* (vol 67. No 266)

Belletech Deressa. (2003). *Oromtittii: The Forgotten Women in Ethiopian History*. USA: IVY House Publishing Group.

Ben-Amos.(1975). “Folklore in African Society”, in *Research in African Literature* 6 (2) pp. 165-198.

Burke.(1991). *Language, Self, and Society: A Social History of Languages*. Cambridge: Cambridge University Press.

Cerulli.(1922). *The Folk Literature of the [Oromo] of Southern Abyssinia*. Harvard: Massachusettes.

Daafaa Jamoo .(1974) *Aadaa Oromoo wallaggaa*. Mana maxxansaa gidduu galeessa Finfinnee.

Dastaa Dassaaleny.(2013). *Bu’uura Qorannoo*.Addis Ababa: Printed by Far East Trading PLC

Dessalegn Siyum. (1985). “E.Cerulli’s *The Folk Literature OF the [Oromo] of The Southern Absinia*: A Critical Evaluation.” M.A. Thesis, School of Graduate Studies: Addis Ababa University.

Dirribii Damissee.(2012).*IlaalchaOromoo barnoota aadaa,seenaafi Amanntaa Oromoo* Finfinnee

Dorson.(1972). *Folklore and Folklife* .Chicago: Chicago Univrsity Press.

Dundes.(1965). *The Study of Folklore*. Barkelay: Printice-Hall, Inc.

Fekade Azeze. (1984.) “*Ethiopia Oral Literature: A Preliminary Review and Bibilography*.”Paper Presented on Proceodings of the 8th Intrnational Conference of Ethiopia. Addis Ababa.

_____. (1998). *Unheard Voices: Drought, Famine, and God in Ethiopian Oral Poetry*. Addis Ababa: Addis Ababa University Press.

_____.(1999). *Yasinaqal Mamriyaa*. Addis Ababa: Alfa Printers

- Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii.Bu'uura Ogbarruu Oromoo*: Finfinnee.
- Fekade Azeze.(1991). *Introduction to Oral Literature*. Addis Ababa: Artistic Printing Enterprise
- Finnegan.(1970). *Oral Literature in Africa*. Nairobi: Oxford University Press.
- _____. (1977). *Oral Poetry: Composition Performance and Cotext*. Cambridge: Cambridge University Press.
- _____.(1992).*Oral Tradition and Vreba Arts*. London: Rutledge.
- Gemechu Beyene and Asefa Tolera.(2006). “Marriage Practices among the Gidda Oromo: Northern Wollega, Ethiopia.” *In journal of African Studies*, 15(3):240-255
- Georges and Jones.(1995). *Folkloristics: An Introduction*. Bloomington and Indiana Polis: Indiana University Press.
- Gaazexaa kallacha Oromiyaa(1998). *Kabaja ayyaana Masqala Oromoo Godina Wallagga Lixaa*
- Geetaachoo Rabbirraa,(2005).*Furtuu(seerluga Afaan Oromoo)*.Finfinnee mana maxxansaa kurraaz internaashinaalii.
- Georges and Jones.(1995). *Folkloristics: An Introduction*. Bloomington and Indiana Polis:
- Goldiston.(1974).*A Guide for Field Workers in Folklore*. Pensulvania: Gale Research Compony.
- Holcomb.(1973). “Oromo Marriage in Wollega Province.” *In Journal of Ethiopian Studies*, 11(1): 107-142.
- Holman H.(1992:449). *A Hand book of litreture 6th edn.U.S.A*: Macmillan publishing press.
- Huseen Badhaasoo. (2000).*Seera Fuudhaa-Heeruma Oromoo Arsi'i*. Finfinnee: Commercial P.E.
- Iseacs, Alan. (1981). *The Macmillan Encyclopedia*.USA: Laurence Urdang Associates Ltd
- Jeylan W. HUSSEIN, 26(1): 15-58, March 2005 The Functions Of Afrcan Oral Arts: The Arsi-Oromo Oral Arts In Focus

- Kessing.(1981).*Cultural Anthropology: a Contemporary Pererspective, 2nd Ed.* New York: Holt Rinhert and Winiston.
- Kipury.(1983). *Oral Literature of the Masai.* Nairobi: East African Educational Publishers Ltd.
- Kumar.(1996). *Research Methodology: A Step-by-Step Guide for Beginers.* London:SAGE Publishers.
- Legesse, A. 1973.*Gada: Three Approaches to the Study of African Society.* Free Press, New York
- (2005). *Research methodology;Step by Step Guide for Beginner:* London
- Mabaya(2002). “*Lingustic Taboo in African Marriage Context: The Study of the Oromo Lagu.*”*in Nordic Journal of African Studies.*
- Malaakneh Mangistuu. (2006). *Fundamental of Literature 3 rd.*Addis Ababa: A.A.U. Press.
- Maranan(2010). *Culture and Development Evaluation and Practice, UNESCO work in papers,* No 1 Spain, UNESCO.
- Mair. (1984). *African Marriage and Social Change.* Oxford: Oxford University.
- Mbiti (1992). *African Religious and philosophy.* (Nairobi Cantab,1992.)
- Mesfin Messele. (2000). “*Abawudde Oral Poetry: A Descriptive Anlysis.*” MA Thesis
School of Graduate Studies: Addis Ababa University
- Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Dilbii:* Finfinnee
- Nachimias and Nachimias.(1996). *Research Methods in Social Sciences, 5th Ed.*London: St. Martn’s Press.

- Nagarii Leencoo. (1995) .*Mararoo Durbaa.*” *Wiirtuu Jildii-7. Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo keessatti,Fu.1-42.*
- Okpewho. (1992). *African Oral Literature: Backgrounds, Characters, and Continuity.*
Bloomington and Indiana Polis: Indiana University Press.
- Oljira Tujuba (1986). “*Oromo Amara Relations in Horro Guduru Awraja.*” MA Thesis.School of Graduate Studies: Addis Ababa University.
- Olson and Detrain.(2000). *Marriage and the Family Diversity and Strengths.* London: Mayfield Publishing Compony.
- Oring .(1986). *Folk Groups and Folklore Geners: An Introduction.* Logan Utah: Utaha University Press.
- Oromia Culture and Tourism Comission.(2004)._*History of the Oromo to the Sixteenth Century.*
Volume-1. Adaamaa.
- Scopin, P. and Decourse, C. R. 2004. Anthropology: A Global Perispective (5th Ed.).New Delhi: Printice Hall of India.
- Sills, L. D. (Ed.). 1972. International Encyclopedia of the Social Sciences. New York: Macmillan and the Free Press.
- Sumner(1997). *OromoWisdom Literature, Vol.II, Songs , Collection and Analysis.*_ Addis Ababa: Guddina Tumsa Foundation.
- Turner.opciti (1969).*The ritual process ;structure& Anti structure,* Aldine, Cicago.
- Tesema Ta’a. (1980). “*The Oromo of Wollega: A Historical Survey to 1910.*” MA Thesis,
School Graduate Studies, Addis Ababa Univrsity press.
- Warquu Dachaasaa. (1991). *Wiirtuu (Jil.5) Finfinnee:* Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaatti

Zalaalam Abarraa (2003) Translation From Oral To written Oromo Poetry in Journal Of
Studies.Vol.10,N 1and 2

Zewde, 2000. African historiography: Past, present and future. *Afrika Zamani*, 7&8: 33-40.

DABALEEWWAN

Dabalee. A

Yuunivarsiitii Jimmaa kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Humaaniitii Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

Gaaffiiwwan qaamota dhimmi ilaallattuuf dhiyaatan.

Gaaffilee armaan gadii bu'uura godhachuun odeeffannoon isinirraa argamu qorannoo ani gaggeessu kana guutuu taasisa. Kanaaf odeeffannoo dhugummaafii qabatamummaa qabu akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

Maqaa----- Umurii----- Saala----- Gahee hojii----- Amantaa-----

I Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kennaa

1. Walaloon sirba masqalaa maaliif weeddifama?
2. Qabiyyeen sirba masqalaa waa'ee maalfaa ofkeessatti hammata?
3. Walaloo sirba Masqalaaf qaarreefi qeerroon qophiin isaan taasisan maal fa'i?
4. Walaloon sirba masqalaa dhimma ayyaanichaa qofa moo kan biraas ilaallata?
5. Walaloon sirba masqalaa miira akkamii qaba?
6. Walaloon sirba masqalaa aadaa Oromoo hagam mul'isa?
7. Walaloon sirba masqalaa akkamitti hurruubama?
8. Akkaataan hurruubbaa sirba Masqalaa sirboota biro irraa maaliin adda ba'a?
9. Haalli hurruubbaa Sirbi masqalaa saalaan adda ba'a?
10. Walaloon sirba Masqalaa yoomiifi eessatti raawwata?
11. Yoomessi sirba Masqalaa miira addaa qeerroofi qarreef uumu qabaa?
12. Yoomessa sirba masqalaatiin qeerroofi qarreen wanta biraa ergaa ittiin dabarsan qabuu?
13. Raawwiin duudhaa ayyaana Masqalaa maal fakkaata?
14. Walaloo sirba Masqalaa dhimma ayyaanichaa qofamoo kan biraas ilaallata?
15. Ayyaanni Maqalaa maaliif kabajama?
16. Duudhaan ayyaana Masqalaa yeroo ammaa sadarkaa maalirra jira?
17. Meeshaaleen duudhaa ayyaana Maqalaaf barbaachisan maal fa'i?

Dabalee B

II Gaaffilee armaan gadii EEYYEE ykn LAKKI jechuun deebisaa

18. Walaloon sirba asqalaa weedduuwwan kaan wajjin walitti dhufeenya qabaa?
19. Hirmaattotni hurruuba sirba Masqalaa irratti argaman saalaafi umurii adda nifoo'aa?
20. Umuriin hirmaattota hurruuba kana irratti hirmaatanii nibeekamaa?
21. Qabiyyeen sirba Masqalaa saala lameenuuf ta'u wal fakkaataa?
22. Walaloon sirba Masqalaa kanneen amantaa ortodoksii hordofan biratti nibeekamaa?
24. Walaloon sirba Masqalaa waa'ee amantaa ofkeessaa qabaa?
26. Bakkeewwan sirbi Masqalaa sirbamutti gama biraan raawwiin raawwataman jiruu?
28. Ittifufinsa walaloo sirba Masqalaaf waantotni danqaa ta'an jiruu?
29. Walaloon sirba Masqalaa tokkummaa hiriyyeewwanii cimsuu keessatti qooda qabaa?
30. Walaloon sirba Masqalaa akkaataa amma jiruun badiif saaxilama jettanii yaadduu?

Dabalee C

Gabatee: Ragaa Ragaa Namoota Odeeffannoon Irraa Fudhatamee

Lak	Maqaa	saal	um	G/Hojii	Amantaa	Aanaa	Ganda
1	Fiqaaduu Amdillaa	Dhi	54	Q/Bulaa	Waaqeffataa	Horroo	Lootii Aannoo
2	Oliiqaa Baayisaa	Dhi	72	Q/Bulaa	Waaqeffataa	Horroo	Lootii Aannoo
3	Kumsaa Itichaa	Dhi	64	Q/Bulaa	Waaqeffataa	Horroo	Lootii Aannoo
4	Ajjuwee Jiraataa	Dub	62	Q/Bulaa	Waaqeffattuu	Horroo	Abee Buukkoo
5	Yashii Raggaasaa	Dub	40	Q/Bulaa	Protestaantii	Horroo	Abee Buukkoo
6	Darajjee Abboomaa	Dhi	69	Q/Bulaa	protestaantii	Horroo	Abee Buukkoo
7	Dabalaa Dheekkamaa	Dhi	73	Q/Bulaa	Waaqeffataa	Horroo	Akkaajjii Sabbat
8	Tamasgeen Lammeessaa	Dhi	72	Q/Bulaa	Waaqeffataa	Horroo	Akkaajjii Sabbat
9	Alamaayyoo Abbabaa	Dhi	68	Q/Bulaa	Waaqeffataa	Horroo	Akkaajjii sabbat
10	Zoodituu Abdannaa	Dub	29	G/Mana	waaqeffattuu	Horroo	Lootii Aannoo
11	Assabaa Jaaluu	Dhi	52	Q/Bulaa	ortodoksii	J/Gannat	Gudd/ Jimmaa
12	Tarrafaa Baayisaa	Dhi	60	Q/Bulaa	waaqeffataa	J/Gannat	Guddattuu Jimmaa
13	Kibbituu Ibsaa	Dub	65	Q/Bulaa	Waaqeffattuu	J/Gannat	Guddattuu Jimmaa
14	Caaltuu Baayisaa	Dub	20	B/ttuu	Waaqeffattuu	J/Gannat	Gudd/ Jimmaa
15	Buusharaa Roorroo	Dhi	56	Q/Bulaa	waaqeffataa	J/Gannat	Kal/ Diddiimtuu
16	Badhoo Margaa	Dhi	20	Barataa	ortodoksii	J/Gannat	K/Diddiimtuu
17	Xumurii Margaa	Dub	18	B/ttuu	ortodoksii	J/Gannat	k/diddiimtuu
18	Margaa Akkasaa	Dhi	40	Q/Bulaa	waaqeffataa	J/Gannat	Baddoo Gidaamii
19	Xaayituu Taa'aa	Dub	19	B/ttuu	waaqeffattuu	J/Gannat	Baddoo Gidaamii
20	Asaffaa Baayisaa	dhi	22	Barataa	ortodoksii	J/Gannat	Baddoo Gidaamii

D. Suuraawwan bakka Masqal Gubiitti kaafaman





